

# Ergaa Phaawulos

## Gara Warra Qorontositti Erge

### Isa Duraa

Nagaa

**1** <sup>1</sup> Ani Phaawulos fedha Waaqayyootiin ergamaa Kristos Yesus ta'uudhaaf kanan waamame, Sostenees obboleessaa wajjin\*, <sup>2</sup> gara waldaa Waaqayyoo isa mandara Qorontos jiruu, gara warra karaa Kristos Yesus qulqulleefffamanii, warra iddo garaa garaatii, maqa Yesus Kristos gooftaa hunduma keenya waammattan hunduma wajjin, qulqulloota ta'uudhaaf waamamaniitti kana caafuu koo ti\*. <sup>3</sup> Waaqayyo abbaan keenya gooftaa keenya Yesus Kristosis ayyaana, naagaas isiniif haa kennu\*!

\*1 HoE 9:15; 18:17; Gal 1:1; Qol 1:1

\*2 6:11; Yoh 17:17,19; HoE 9:14; 18:1-17;

Rom 1:7

\*3 Efe 1:2

### Waaqayyoon Galateeffachuu Isaa

<sup>4</sup> Ayyaanni Waaqayyoo Kristos Yesusiin waan isiniif kennameef, ani yeroo hundumaa sababii keessaniif Waaqayyo koo nan galateeffadha\*. <sup>5</sup> Isin waanuma dubbatan hubachiisuudhaaf ofii keessaniifis waan hundumaa hubachuudhaaf, karaa hundumaan kennaa guutuu isumaan argattaniittu\*. <sup>6</sup> Wanti waa'ee Kristosiif dhugaa ba'amie isin gidduutti hundee godhatee jabaateera\*. <sup>7</sup> Kanaaf lammaffaa mul'achuu gooftaa keenya Yesus Kristos eeggachaa utuu jirtanii, kennaa hafuraa keessaa tokko illee isinittu hin hiratu\*. <sup>8</sup> Guyyicha gooftaa keenya Yesus Kristos sanatti akka isin warra yakka hin qabne taataniif, gooftichi hamma dhuma barichaatti isin in cimsa\*. <sup>9</sup> Waaqayyo, inni gara tokkummaa ilma isaa Yesus Kristos gooftaa keenyaatti isin waame, amanamaa dha\*.

\*4 Rom 1:8

\*5 2Qor 8:9; Qol 1:9-10

\*6 HoE 18:5

\*7 Tit 2:13; 2Phe 3:13-14

\*8 Filp 1:6,10,11; 1Tas 5:23-24

\*9 10:13; 2Xim 1:9

### Amantoonni Yaadaan Akka Gargai Hin Baane Gorsuu Isaa

10 Obboloota ko, isin hundum keessan waan dubbattanitti akka wal galtan, yaada tokkoon akeekkattani tokkummaadhaanis raawwachuuudhaa akka qophooftan malee, isin gidduut gargar ba'uun akka hin jiraanne, maqa gooftaa keenya Yesus Kristosis isinan gorsa\*. <sup>11</sup> Obboloota ko, wa qoccoluun akka isin keessa jiru, na moonni aaddee Klo'ee anatti himanii ru\*. <sup>12</sup> Qoccolloon ani jedhus isa isi keessaa kaan, "Ani kan Phaawulos!" kaan, "Ani kan Apholos!" kaan, "An kan Keefaa ti!" kaan immoo, "Ani kan Kristos!" jedhan jechuu koo ti\*.

\*10 11:18; Rom 15:5; Filip 2:1-2

\*11 3:3-9

\*12 Yoh 1:42; HoE 18:24-28

13 Kristostu gargar hirame modree? Phaawulostu isiniif jedhee fannifame moo ree? Yookiis maqa Phaawulositti cuuphamtan moo ree? <sup>14</sup> Kriisphosii fi Gaayos irraa kan hafe isin keessaa nama kan biraai iyuu bagan hin cuuphin\*. <sup>15</sup> Egaa namni, "Maqa Phaawulositti cuuphamtan" isiniin jechuu hin danda'u. <sup>16</sup> Haa ta'u iyuu malee, Isxifaanaasi fi maatii isaa immoo cuupheera; kanaa achi nama kan biraai kanan cuuphe hin beeku\*. <sup>17</sup> K ristos wangeela akkan lallabuuf na erge malee, akkan cuuphuuf ana hin ergine; fannifamuun Kristos ulfina isaa akka argatuttan lallabe malee, fannoos isaa salphisuudhaaf ogummaa namaatin hin lallabne\*.

\*14 HoE 18:8; 19:29; Rom 16:23

\*16 16:15,17

\*17 HoE 9,15

### Kristos Humnaa Fi Ogummaa Waaqayyoo Ta'uu Isaa

18 Waa'ee fannifamuun Kristos dubbachuu warra karaa badiisaa irra jiraniif gowwummaa dha; nuyi warra karaa fayyinaa irra jirruuf garuu, inni humna Waaqayyo ti\*. <sup>19</sup> Caaffanni

qulqulla'aan, "Ogummaa warra ogeessotaa nan balleessa, hubanna warra hubattootaas lafatti nan dabala" in jedha\*. <sup>20</sup> Egaa namni ogeessi eessatti hafa ree? Barsiisaan seeraas eessatti hafa ree? Dubbi-beekaan bara si'anaas eessatti hafa ree? Waaqayyo ogummaa biyya lafaa kanaa gowwummaa godheera mitii ree? <sup>21</sup> Biyyi lafaa ogummaa ofii isatiin Waaqayyoon isa ogummaadhaan guute beekuu dadhabnaan, gowwummaa barsiisa isa nuyi lallabnuutiin warra amanan fayyisun Waaqayyotti tole\*. <sup>22</sup> Yihudooni illee milikkitoota gaafat, Griikoni immoo ogummaa barbaadu\*. <sup>23</sup> Nuyi garuu, Kristos isa fannifame in lallabna; kun immoo warra Yihudootaati gafuu dha, warra Yihudoota hin ta'initti immoo gowwummaa dha\*. <sup>24</sup> Warra Waaqayyo waameef garuu Yihudoota fi taanaan Griikotaafis taanaan, Kristos humna Waaqayyoo ti, ogummaa Waaqayyoo tis\*. <sup>25</sup> Wanti gowwummaa Waaqayyoo fakkaatu ogummaa namaa irra in caala, wanti dadhabbi Waaqayyo fakkaatus jabina namaa irra in caala\*.

\*18 1:23-24; 2Qor 4:3; Rom 1:16

\*19 Iyo 5:12; Isa 29:14

\*20 3:19; Iyo 12:17; Isa 19:12; 33:18; 44:25

\*21 Mat 11:25

\*22 Mat 12:38; Yoh 4:48; HoE 17:18-21,32

\*23 2:2,14; Rom 9:32; Gal 5:11

\*24 1:18; 2:5; Qol 2:3

\*25 2Qor 13:4

26 Obboloota ko! Isin yeroo waamamtan, namoota attamii akka taatan of irratti ilaala! Akka yaada namaatti baay'een keessan ogeessota miti; baay'een keessan beckamoo miti; baay'een keessan sanyii warra gurguddaa keessaa miti\*. <sup>27</sup> Waaqayyo garuu namoota ogeessota yeellaasisuudhaaf, waan biyyi lafaa gowwaatiit lakkaa'u fo'ate; Waaqayyo warra jaboo yeellaasisuudhaaf waan biyyi lafaa dadhabatti lakkaa'u fo'ate. <sup>28</sup> Waaqayyo wanta jira jedhamu lafatti dabaluudhaaf, wanta jira hin jedhamne, wanta biyya lafaatti gad deebi'aatti lakkaa'amuu fi wanta tuffatamaa fo'ate\*. <sup>29</sup> Kanaafis namni tokko illee fuula Waaqayyo duratti of hin jajin\*. <sup>30</sup> Kristos Yesusitti jiraachuu keessan Waaqayyo biraai ta'e; Waaqayyo Kristosis ogummaa keenya nuuf godhe. Isumaan

qajelota taanee, Waaqayyoof qulqulooftnee in furamna\*. <sup>31</sup> Kanaafis, "Nanni of jaju gochaa gooftaatiin of haa jaju!" kan jedhu caafameera\*.

\*26 Yoh 7:48; Yaq 2:1-5

\*28 Mat 19:30; Gal 6:3

\*29 Rom 3:27; 2Qor 11:30; Efe 2:9

\*30 1:24; Er 23:5-6; Yoh 17:19; Rom 3:24;

2Qor 5:18,21; Efe 1:7

\*31 Er 9:23-24; 2Qor 10:17.

### Kristosin Isa Fannifame Duwwaa Beekuu

**2** <sup>1</sup> Yaa obboloota ko! Ani yeroon gara keessan dhufe, namoota kan biraa caalaatti dubbachuuudhaan yookiis ogummaa argisiisuudhaan, dhoksaan Waaqayyoo isinittti lallabaa hin dhufne\*. <sup>2</sup> Hamman isin bira turettis Yesus Kristos, isa fannifame sana duwawa beekuu koo akkan mul'isuuf murtoo godheen ture\*. <sup>3</sup> Ani dadhabbi, sodaadhaa fi rom'a baay'eedhaan isin bira ture\*. <sup>4</sup> Dubbiin afaan koo, lallabni koos humnii fi hafurri Waaqayyoo akka na keessa jiru argisiise malee, dubbi ogummaa namaa keessaa ba'een amansiise miti\*. <sup>5</sup> Egaa amantiin keessan humna Waaqayyoo irra malee, ogummaa namaa irra hin dhaabanne\*.

\*1 1:17; 1Yoh 5:9

\*2 15:3; Gal 6:14

\*3 HoE 18:9; 2Qor 10:1,10

\*4 1Tas 1:5

\*5 1:18,24

### Ogummaa Waaqayyoo

<sup>6</sup> Haa ta'u iyuu malee, ogummaa bara si'anaa, yookiis ogummaa warra biyya lafaa kanaa seerratanii, ofiis gol-golaa'uuf jiranii, yoo ta'u dhaabaate iyuu, warra bilchaatan keessatti immoo dubbi ogummaa in dubbanna. <sup>7</sup> Nuyi dubbi dhoksaan ogummaa Waaqayyo isa hin beekamin ture sana dubbanna; Waaqayyo ulfina isaa irraa akka hirmaannuu uumamuu biyya lafaa dura ogummaa sana yaadee qopheesse\*. <sup>8</sup> Warra biyya lafaa kanaa seerratan keessaa tokko iyuu ogummaa kanaa hin hubanne; utuu hubataniru ta'e, gooftaa ulfinaa hin fannisan turan\*. <sup>9</sup> Caaffata qulqulla'o keessatti, "Waan Waaqayyo warra isa jaallataniif qopheesse, iji namaa hin argine,

gurri namaan hin dhageenye,  
yaadni namaas bira hin  
geenye" in jedha\*.

10 Waaqayyo garuu hafuura qulqulluudhaan isa kana nutti mul'ise; hafuurri qulqulluun waan hundumaa, yaada Waaqayyoo isa gad fagoo iyyuu qoree bira in ga'a\*. 11 Waan yaada namaan keessa jiru, hafuuruma namicha keessa jirutu beeka malee, namni biraa beekuu hin danda'u; akkasumas hafuura Waaqayyoo malee, eencyu illee yaada Waaqayyoo hin hubatu. 12 Ammas nuyi kennaa isa Waaqayyo bira nuuf kenname beekuudhaaf, hafuura isa Waaqayyo biraan dhufe fudhanne malee, hafuura biyya lafa kanaa hin fudhanne\*.

\*7 Rom 16:25; Efe 3:4-9; Qol 1:26

\*8 Yoh 7:48; HoE 3:17; 13:27; Yaq 2:1

\*9 Isa 64:4

\*10 Dan 2:22; Mat 11:25; 13:11; Yoh 16:13

\*12 Yoh 14:16-17; 16:13-14; Rom 8:15

13 Kanaafis nuyi dubbii hafuura warra hafuuriha argatanaiif waan hiiknuuf, isa dubbannu barsiisa hafuri-chaatiin malee, barsiisa ogummaa na-maatiin hin dubbannu\*. 14 Namni hafuuriha hin argatin, kennaa hafuura Waaqayyoo hin fudhatu; kennaa sun isatti gowwummaa dha. Kennicha gar-gar baasee shallaguudhaaf iyyuu hafuuriha qabaachuu waan barbaachisuuf, isa hubachuu hin danda'u\*. 15 Namni hafuuraa waan hundumaa shallaga, isa garuu namni tokko iyyuu hin shallagu\*. 16 Caaffanni qulqullaan,

"Eenyetu yaada gooftichaa beeka?  
Eenyutus isa gorsuu danda'a?"  
jedha.

Nuyi garuu yaada Kristos  
qabna\*.

\*13 2:1,4; 2Phe 1:21

\*14 1:23; Mat 16:17; Yoh 8:47; 14:17

\*15 1Yoh 2:20

\*16 Isa 40:13; Er 23:18; Rom 11:34

### Warra Maasiil Waaqayyoo Keessa Hojjetaan

**3** 1 Ani yaa obboloota ko, akka war-ra yaada foonii duukaa bu'anii, Kristositti immoo xobbee akka mucoo-lii ta'aniittan isiniitii dubbadhe malee, akka warra yaada hafuuraa duukaa bu'aniiitii isiniitii dubbachuu hin daneenye\*. 2 Ani aannan akka dhugdaniif isiniif kenneera; isin nyaata jabaadhaaf

hin geenye turtan, ammuma iyyuu hin ga'in jirtu\*. 3 Isinoo amma iyyuu akka warra yaada foonii duukaa bu'anii ti; hinaafuunii fi wal qoccoluun erga isin gidduu jiraatee, isin warra yaada foonii duukaa buutan mitii ree? Akka yaada namaatti jiraattu mitii ree?\* 4 Isin kees-saa inni tokko, "Ani kan Phaawulos" jedhee, inni kaan immoo, "Ani kan Apholos" yommuu jedhu, warra akka yaada namaatti hojjetan ta'u keessan mitii ree?\*

\*1 2:15; Yoh 16:12

\*2 Ibr 5:12-13; 1Phe 2:2

\*3 1:10-11; 11:18; Gal 5:19-20;

Yaq 3:14-16

\*4 1:12

5 Egaa Apholos kun maali? Phaa-wulos kunis maali? Inni, anis hojjetoo-ta warra gara amantiitti isin waamanii dha; nus adduma addaan akka gooftaan nuuf kennetti in hojjenna. 6 Ani nan dhaabe, Apholos bishaan obaase, Waa-qayyo garuu in guddise\*. 7 Waaqayyo isa guddisu sana malee, inni dhaabu, inni bishaan obaasus homaa miti. 8 Inni dhaabe isa bishaan obaasee wajjin tok-ko; adduma addaanis akka dadhabbi-iisatti miindaa ofii isatiit in fudhata\*. 9 Nuyi hojji Waaqayyoo keessatii hidhata walii ti, isin maasii Waaqayyo ti; mana Waaqayyo ijaaruu dhas\*.

\*6 HoE 18:1-4,24-28

\*8 4:5

\*9 Mat 13:3-9; 2Qor 6:16; Efe 2:20

10 Akka ayyaana Waaqayyo biraan aaf kennameetti, akka nama mana ijaaruu beekuuttis hundee manni ir-ratti ijaaramu kaa'eera, namni kan biraan immoo isa irratti in ijaara; adduma addaan attamitti akka irratti ijaaru garuu haa akeekkatu\*. 11 Isuma dur kaa'ame sana malee homtinuu hundee biraan kaa'uu hin danda'u; hundeen dur kaa'ame sunis Yesus Kristos\*. 12 Namni warqeethaan, meetiidhaan, dhagaa gati-jabeessaan, yookiis mukaan, citaadhaan, hoffaa-dhaanis hundicha irratti in ijaara. 13 Hojiin namaan adduma addaan ibidaan mul'ifamee in beekama, guy-yaan firdii bakkeetti in baasa; hojiin namaan adduma addaan maal akka ta'e, ibiddi qoree in mul'isa\*. 14 Hojiin namaan isaa irratti ijaaree, utuu hin gubatin yoo hafe, namichi gatii

isaa in fudhata. 15 Hojiin namichaa yoo duraa gubate garuu inni gatii isaa in dhaba; haa ta'u iyyuu malee ofii isaatii akka nama ibidda keessaa ba'eetti in oola\*.

\*10 15:10; Rom 15:20; Efe 3:2,7

\*11 16:22; HoE 4:11-12; Efe 2:20;

1Phe 2:4-6

\*13 4:5; 2Tas 1:7-8

\*15 Yih la 23

16 Isin mana qulqullummaa Waa-qayyoo akka taatan, hafuurri Waaqay-yoos isin keessa buufatee akka jiru hin beektanii ree?\* 17 Namni mana qulqullummaa Waaqayyoo yoo balleesse, Waaqayyo immoo isa in balleessa; manni qulqullummaa Waaqayyoo dhu-guma qulqullu dha, innis isin.

\*16 6:19; Rom 8:9; 2Qor 6:16

18 Homtinuu of hin sossobin! Namni isin keessaa akka yaada biyya lafaa kanaatti ogeessa of se'u yoo jiraate, dhuguma ogeessa ta'uudhaaf, isa biyyi lafaa gowwaatti lakkaa'u ta'uutu isa irra jira\*. 19 Ogunmaan biyya lafaa kanaa Waaqayyo biratti gowwummaa dha. Caaffanni qulqul-la'aan, "Inni warra ogeessota hax-xummaadhuma isaaantiiti isaan in qa-ba\*;" 20 iddo biraatti immoo, "Yaa-daan qopheessun warra ogeessotaa akka waa'ee hin baafne gooftichi in beeka" in jedha\*. 21 Kanaafis homti-nuu waan namoonni gochuu danda'a-niin of hin jajin! Egaa waan hundinuu kan keessan; 22 Phaawulos taanaan, Apholos taanaan, Keefaa taanaan, biyyi lafaa, jireenyi, duuni, wanti amma jiru yookiis wanti si'achi dhufu hundumti isaa kan keessan\*. 23 Isin im-moo kan Kristos, Kristos immoo kan Waaqayyo ti.

\*18 4:10; Mul 3:17-18

\*19 1:19-20; Iyo 5:13; Rom 1:22

\*20 Far 94:11

\*22 1:12; 3:4; Rom 8:38-39

### Ergamoota Kristos

**4** 1 Namoonni akka hojjetoota Kris-tositti, akka warra hojji dhoksa Waaqayyoo adeemsisuun itti kennameetti, nu lakkaa'uun in ta'a\*. 2 War-ra hojji adeemsisan iraa immoo ama-namummaatu barbaadama\*. 3 Inni isin anatti faraddan yookiis inni yaa'iin namaan anatti faradu, anaaf homaa miti, anis ofii kootti iyyuu hin

faradu. 4 Ani waan tokko iyyuu of irratti hin qeqqadhu; garuu kanaan, "Yakka hin qabu jedhamee anaaf faradame" jechuu koo miti, gooftaatu anatti farada jechuu koo ti malee\*. 5 Kanaafis yeroon utuu hin dhufin isin hin faradinaa! Innoo waan dukkana kees-sa dhokatee jiru ifatti, yaada garaa namaas bakkeetti in baasa; gaafas adduma addaan Waaqayyo bira galata argachuuf jiru\*.

\*1 3:5; 2Qor 4:5; Qol 1:25-26; Tit 1:7

\*2 Luq 12:42; 1Phe 4:10

\*4 2Qor 1:12; 5:10

\*5 3:8; Rom 2:16; 2Qor 10:18

6 Yaa obboloota ko! Ammas isi-niif jedhee kana hundumaa Apholosii fi ofii kootti fakkessee dubbadheera; jecha isa, "Wanta caaffanni qulqul-la'aan jedhu gararraa hin darbinaa!" jedhamee isin gidduutti beekame nu irratti akka ilaaltaniif, nama tokkoonis isa kaan irratti akka isin of hin janyeefan nu lamaan fakkeenya go-dhe\*. 7 Warra kaan irratti immoo ee-nyutu caalmaa siif kenne? Waan Waaqayyo siif hin kennin maalfaa qabda ree? Isa irraa fudhatte erga ta'ee immoo, maaliif akka waan ken-naa hin ta'iniitti ittiin of jajja ree?\*

\*6 Rom 12:3

\*7 Yoh 3:27; Yaq 1:17

8 Ammas isin guuttattaniittu! Soo-romtaniittu! Nuyi malee, isin dur mootota taatan! Nuyis isinii wajjin mootota akka taanuttu, utuu dhuguma mootota taatanii iyyuu nan jaalladhan-ture\*. 9 Akka anatti fakkaatutti garuu, Waaqayyo nuun ergamoota, akka warra tuuta namootaa keessatti ajjee-famuun itti faradameetti namaan gad nu godhe; nuyi ergamoota waaqa irraa fi namoota biyya lafaafis ilaalchaaf taaneerra\*. 10 Nuyi sababii Kristosiif gowwoota; isin garuu Kristosiin ogeessota; nuyi dadhaboo dha, isin garuu jaboo dha, nuyi tuffatamoo dha, isin garuu jajamoo dha\*. 11 Hamma ammaatti nuyi in beelofna, in dhee-bonnas; moofaa uffanna, in reebam-na, hojidhaafis asii fi achi in joorra\*.

12 Harka keenyaan hojjechuudhaan itti dadhabna; yeroo nu abaaran in eebfibna, yeroo nu ari'atanis obsaan in dandeenyae\*; 13 yeroo nu arrabsanis

deebii gaarii in deebifna; nuyi kosii biyya lafaa taaneerra, ammas nuyi saphaphuu lafaa ti\*.

\*8 Mul 3:17,21

\*9 Rom 8:36; 2Qor 4:11; Ibr 10:32-33

\*10 1:18; 3:18

\*11 2Qor 11:23-27

\*12 9:15; HoE 18:3; 20:33-34; 1Tas 2:9; 2Tas 3:8

\*13 HoE 22:22

14 Kanas akka ijoollee koo warra jaallatamootti isin gorsuudhaaf malee, isin yeellaasisuudhaafan caafa miti\*. 15 Karaa Kristos guddisee kuma baay'ee yoo qabaattan iyyuu, abboota baay'ee hin qabdan; ani wangeela isin barsiisuu kootiin, karaa Kristos Yesus abbaa keessan ta'eera\*. 16 Kanaaf fakkeenya koo akka fudhattanifan isin kadhadha\*. 17 Sababii kanaaf Ximotewosin gara keessanitt erguu koo ti. Inni karaa gooftaa, ilma koo isa jaallatamaa dhaa fi isa amanamaa dha; inni Kristositti karaa ani itti jiraadhu, isa ani isin barsiise waldaa kristiyaanaa hundumaatti barsiisa jirus, isin in yaadachiisa\*. 18 Isin keessaa kaan akka waan ani dhufee isin hin argineetti lakkaa'anii, of bokoksutti ka'an. 19 Amma garuu jaalala gooftaa yoo ta'e, dafee gara keessan nan dhufa; waan warri of bokosan kun dubbatan utuu hin ta'in, waan isaan gochuu danda'anis ofii kootiin nan ilaala\*. 20 Mootummaan Waaqayyoo mootummaa humni Waaqayyoo itti hoijetu malee, mootummaa dubbii waa'ee hin baafne itti dubbatan miti\*. 21 Egaa maal barbaaddu? Ulee fudhadhee isinitti dhufu moo yookiis jaalalaa fi hafuura garraamummaati isinitti dhufu\*?

\*14 1Tas 2:11-12

\*15 9:2; Gal 4:19; Film 1a 10

\*16 11:1; Filp 3:17

\*17 16:10; HoE 19:22; Filp 2:19-23

\*19 16:5-7; HoE 18:21; Yaq 4:14

\*20 2:4; Luq 17:20-21

\*21 2Qor 10:2; 13:10

### Halalummaa Waldaa Keessa Jirutti Faraduu Isaa

5 1 Amma immoo halalummaan warra saba Waaqayyoo hin ta'in keessatti illee salphaatti hin ilaalamne, isin gidduu akka jiru dhaga'aemeera; namni haadha buddeenaas isaa akka haadha manaatti wajjin jiraatu isin gidduu jiru\*. 2 Isinis of bokoksitanii jirtu, nam-

ni waan akkasii godhe kun isin keessaa akka baafamuuf boo'uun isiniif ta'a ture mitii reet? 3 Foonin yoon isin irraa fagaadhe iyyuu, hafuuraan isin biran jira; akka waanan isin bira jiruuttis, namicha waan akkasii hoijete irratti yakka mureera\*. 4 Kanas ani maqaa gooftaa keenya Yesusiin go-dheera, yommuu walitti qabamtan, hafuuri koos humna gooftaa keenya Yesusii wajjin yeroo isin biratti argamu, isinis irratti walii galaa!\* 5 Guyyaa gooftaa Yesusitti, hafuuri isaa fayyu akka danda'uuf, foon isaa balleessuudhaaf amma namichi kun harka Seexannaatti akka kennamu godhaa\*!

\*1 1Tas 4:3-5; Lew 18:7-8; Kes 22:30

\*2 4:6-8

\*3 Qol 2:5

\*4 Mat 16:19; 18:18; 2Qor 13:10

\*5 1Xim 1:20; 1Phe 4:6

6 Of jajuun keessan gaarii miti; raacitii xinnoon ishee guutummaa bu-kichaa akka bokoksu hin beektanii ree? 7 Raacitii moofaa isin keessa jiru baasaa gataa! Raacitii of keessaa hin qabdan erga ta'ee, isin bukoo haaraa in taatu; Kristos hoolaan faasiikaan keenya aarsaa nuuf ta'eera\*. 8 Kanaafis kottaa, buddeena raacitii hin qabneen, kana jechuunis jirenya qullaa'aadhaa fi dhugaadhaan ayyaanicha ayyaaneffanna malee, raacitii moofaa yookiis raacitii jal'inaa fi hamminaa of keessaa qabaachuudhaan hin ayyaaneffannu\*.

\*6 Gal 5:9

\*7 Bau 12:3-20; 13:7; Isa 53:7;

1Phe 1:18-19

\*8 Kes 16:3

9 Namoota halalummaatti jiraatanii wajjin hidhata akka hin taane ergaa koo kanaan duraa keessatti isiniif caafeera\*. 10 Ergaa koo keessatti namoota halalummaatti jiraatanii wajjin hidhata akka hin taane jechuun koo, walitti qabaatti warra biyya lafaa kana keessa halalummaatti jiraatan yookiis warra sassatan yookiis warra saaman yookiis warra waaqayyolii tolfamaniif sagadan baqadhaa jechuu koo miti; kanaa achi raawwattanii biyya lafaa keessaa ba'uutu isin barbaachisa ture\*. 11 Wanti ani isiniif caafe, "Ani amaneetera" jedhee nama halalummaatti jiraatu yookiis nama sassatu yookiis nama Waaqayyo tolfamaadhaaf sagadu yookiis

nama machaa'u yookiis nama nama saamuu wajjin walitti hin hidhatinaa! Isaa wajjin illee hin nyaatinaa kan jedhu ture\*.

\*9 Efe 5:5; 2Tas 3:14

\*10 1 Yoh 5:19

\*11 6:9-10; Mat 18:15-17; 2Tas 3:6

12 Namoota waldaa kristiyaanaa keessa hin jirretti faraduun hojji koo tii ree? Warra waldaa kristiyaanaa keessa jiranitti immoo isin hin faraddanii ree? 13 Caaffanni qulqulla'aan, "Isa hamaa hoijetu of keessaa baasaa!" in jedha; warra waldaa keessa hin jirretti garuu Waaqayyotu farada\*.

\*12 Qol 4:5

\*13 Kes 13:5; 17:7

### Wal Hadheessuu Amantootaattiin Mormuu Isaa

6 1 Isin keessaa namni tokko obboleessa tokko irraa hadheessa yoo qabaate, namoota Waaqayyooqulqulla'an durattu dubbicha ilaalchisu irra, attamitti yaa'ii warra qajeelota hin ta'iiniti geessuuif ija jabaata ree? 2 Warri Waaqayyooqulqulla'an biyya lafaatti akka faradan isin hin beektanii ree? Isin biyya lafaatti in faraddu erga ta'ee immoo, dubbii xixinnaa ilaaluudhaaf hin taatanii ree? 3 Nuyi ergamotoa Waaqayyotu faraduuf akka jiru hin beektanii? Hammam caalaa dhimma jirenya biyya lafaatti hin farannu ree!\* 4 Egaa dubbii akkasii erga qabaattanii, attamitti warra waldaa keessatti dubbiin isaanii hin fudhatanne itti lakkoothu ree? 5 Kanas isin qaanessuufan caafe; dhuguma, namni beekaaan dubbii obboloota gidduu jiruuf firidii kennuu danda'u tokkichi illee isin keessa hin jiruu ree? 6 Kanumaa iyyuu obboleessi obboleessa tokko yaa'iti dhi'eessee, fuula warra hin amaneetti hadheessuu dhaqaa ree?

\*2 Mat 19:28; Dan 7:22

\*3 2Phe 2:4

7 Fuula yaa'iti wal geessuuif keessan iyyuu dadhabbiif keessan argisiisa; dabaa yoo isin irratti hoijetan maaliif hin obsitan? Maaliifis hin miidhamtan?\* 8 Isinoofii keessanii obboloota keessan warra amanirratti iyyuu dabaa hoijettu, isaan in miitus\*. 9 Egaa warri jal'oonnee mootummaa Waaqayyotu akka hin galle hin beektanii ree?

Hin gowwoominaa! Warri halaleen, warri waaqayyolii tolfaman waqaesan, warri ejjan, warri gadhaa'an, warri nama gadhoomsanis, <sup>10</sup> warri hatan, warri sassatan, warri machaa'an, warri maqaa namaa ballecessan, warri nama saamanis matumaa mootummaa Waaqayyotu hin galan\*. 11 Isin keessaa kaan warra akkasii turan, garuu maqaa gooftaa Yesus Kristosiin, hafuura Waaqayyo keenyaatiinis cubbuutti dhigattaniittu, warra Waaqayyooqulqulla'an taataniiittu, Waaqayyo du-rattis qajeelota taataniiittu\*.

\*7 Mat 5:38-41; 1Tas 5:15; 1Phe 3:9

\*8 1Tas 4:6

\*9-10 Gal 5:19-21; Efe 5:5; Mul 21:8; 22:15

\*11 Tit 3:3-7; Ibr 9:14; 1Phe 4:3-4;

1Yoh 2:12; Mul 1:5

### Dhagna Ofii Galata Waaqayyooqulqulla'an

12 Namni, "Anaaf wanti hundinuu dhowwaa hin qabu" jedhu jira; garuu wanti hundinuu immoo isa hin gargaaru; anis, "Wanti hundinuu dhowwaa hin qabu" nan jedha, garuu waan tokko ana irratti gooftummaa hin godhatu\*. 13 Namni tokkos, "Nyaanni garaachaaf kenname, garaachis nyaataaf kenname" in jedha; Waaqayyo immoo isa kanas isa sanas, lafatti in dabala. Dhagni garuu hojji halalummaatiif namaaf hin kennamne; inni gooftaadhaf hojjechuuf kenname, gooftaanis dhagna namaatiif in yadaa\*. 14 Waaqayyo immoo goofticha kana du'aa kaaseera; nus akkasuma humna isatiin du'aa nu kaasa\*.

\*12 10:23

\*13 Mat 15:17; 1Tas 4:3-5

\*14 15:20-21; Rom 8:11; 2Qor 4:14

15 Dhagni keessan bu'aa dhagna Kristos akka ta'an hin beektanii ree? Egaa bu'aa dhagna Kristos fuudhee bu'aa dhagna gaalamootaa godhoo ree? Matumaa kun hin ta'u\*. 16 Yookiis namni gaalamootaa wajjin walitti maxxane, ishee wajjin dhagna tokko akka ta'u hin beektanii ree? Akkuma caafamee jiru, "Isaan lachanuu foon tokko in ta'u" jedha\*. 17 Inni gooftaa wajjin walitti maxxane immoo hafuuraan isaa wajjin tokko in ta'a\*.

\*15 12:27

\*16 Uma 2:24

\*17 Yoh 17:21-23

18 Halalummaa baqadhaa! Cubbuu namni hojjetu keessaa warri kaan hundinuu dhagna namaa hin tuqan; namni halaleen garuu dhagna isaatti cubbuu hojjeta\*. <sup>19</sup> Dhagni keessan mana qulqullummaa hafuura qulqulluu isa isin keessa jiriu ta'uu isaa hin beektaniree? Hafuura kanas Waaqayyo biraargattan; mana qulqullummaa hafuura isas erga taatani, isin kan ofii keessanii miti\*. <sup>20</sup> Waaqayyo gatiidhaan isin bitate; kanaaf guutummaa dhagna keessanii waan inni ittiin galateefamu hojjedhaa\*!

\*18 10:8

\*19 3:16; 2Qor 6:16

\*20 7:23; IPhe 1:18-19; Filip 1:20

### Seera Gaa'ela Warra Amantootaa

**7** <sup>1</sup> Gaaffiin isin anaaf caaftan na ga'eera; waa'ee dhiiraa fi dubarttiin walii wajjin jiraachuu garuu, namni dubarttiin bira dhaquu yoo dhiise gaarii dha\*. <sup>2</sup> Qorama ejjaa ooluudhaaf garuu, dhiirri adduma addaan haadha manaa ofii isaatii haa qabaatu, dubarttiinis adduma addaan abbaa manaa ofii isheetii haa qabaattu\*. <sup>3</sup> Abbaan manaa jaalalaan haadha manaa isaa bira haa ga'u, haati manaa jaalalaan abbaa manaa ishee bira haa geessu. <sup>4</sup> Haati manaa abbaa manaa ishee malee, dhagna ishee akka jaallatte gochuu hin dandeessu; abbaan manaa akkasuma haadha manaa isaa malee, dhagna isaa akka jaallate gochuu hin danda'u\*. <sup>5</sup> Yeroo itti kadhataaf of kennuudhaaf walii galtan irraa kan hafe, wal bira ga'u wal hin didinaa; isa booddee of qabuu dadhabuu keessan irraa kan ka'e immoo, Seexanni isin qoruudhaaf karaa akka hin argannetti, deebitani wal bira in geessu:

\*1 7:25-26; Mat 19:10

\*2 ITas 4:3-4

6 Kanas karaa isiniif banuufan jehde malee, isin abboomuuf miti. <sup>7</sup> Ani illee namoonni hundinuu fuudhuu dhiisanii akka koo akka ta'an nan jaalladhan ture. Haa ta'u iyyuu malee, namni adduma addaan kennaa Waaqayyo isaf kenne qaba; inni tokko kennaa akkasii, inni kaanis kennaa akkasii qaba\*.

\*7 Mat 19:11-12

8 Warri hin fuudhinii fi warri abbooni manaa isaanii irraa du'an, akka koo fuudhaa fi heeruma malee yoo hafan isaanif ba'eessa, nan jedha. <sup>9</sup> Of qabuu hin danda'an yoo ta'e garuu haa fuudhan, haa heerumanis; kajeellaa fooniitiin gubachuu irra fuudhuu, heerumuus in wayya\*. <sup>10</sup> Warri wal fuudhan akka gargar hin baane nan abbooma; kanas gooftaatu abboome malee ana miti; haati manaa abbaa manaa isheetti gargar hin ba'in! <sup>11</sup> Yoo abbaa manaa isheetti gargar baate garuu, utuu hin heerumin haa teessu yookii immoo abbaa manaa isheetti haa araaramtu; abbaan manaa haadha manaa isaa hin baasin\*!

\*9 1Xim 5:14

\*10-11 Mat 5:32; 19:9; Mar 10:11-12;

Luq 16:18

12 Warra kaan immoo gooftaa utuu hin ta'in ani nan gorsa; namni amane tokko haadha manaa hin amanin yoo qabaate, isheenii abbaa manaa ishee sanaa wajjin jiraachuu yoo jaallatte, inni ishee hin baasin! <sup>13</sup> Dubarttiin amante tokko abbaa manaa hin amanin yoo qabaatte, innis haadha manaa isaa sanaa wajjin jiraachuu yoo jaallatte, isheenii namicha gad hin dhiisin. <sup>14</sup> Abbaan manaa hin amanin karaa haadha manaa isaatii Waaqayyo biratti fudhatamoo dha; haati manaa hin amanin karaa abbaa manaa isheetti Waaqayyo biratti fudhatamoo dha. Yoo akkas ta'u dhaabaate ijoolleen keessan Waaqayyo biratti fudhatamoo miti, amma garuu fudhatamoo dha\*. <sup>15</sup> Isin keessaa inni hin amanin hidhata isaatii gargar ba'uu yoo fo'ate garuu, gargar ba'uu in danda'a; Waaqayyo jirenya nagaatiif waan isin waameef, yeroo kanatti inni amane yookiis isheen amante hidhata gaa'elaattii hiikamuu isaanii ti\*. <sup>16</sup> Ati dubartti nana! Abbaa manaa kee gara amantiitti akka fiddu attamitti beekta? Atis namicha nana! Haadha manaa kee gara amantiitti akka fiddu attamitti beekta\*?

\*14 Rom 11:16

\*15 Rom 14:19

\*16 IPhe 3:1-2

### Jirenya Itti Waaqayyo Nama Waametti Jiraachuu

17 Namni adduma addaan akka gooftichi isaf qoodee kenneti, akka

yeroo Waaqayyo isa waamettis itti fusfee haa jiraatu; akkuma kanattis wal-doota kristiyaanaa iddo hundumaa jiran nan seerradha\*. <sup>18</sup> Namni erga dhagna qabatee waamame, akka waan dhagna hin qabatinii hin ta'in; namni utuu dhagna hin qabatin waamames dhagna qabachuu hin barbaadin!\* <sup>19</sup> Abboommota Waaqayyo eeguutu gatii qaba malee, dhagna qabachuu yookiis dhagna qabachuu dhiisuun gatii hin qabu\*. <sup>20</sup> Namni adduma addaan waamicha Waaqayyo itti isa waame keessatti haa hafu. <sup>21</sup> Waaqayyo yommuu si waame garbummaa jala turree? Kun si hin dhibin! Birmadummaa argachuu yoo daneesse immoo, caalaatti itti jabaadhu\*. <sup>22</sup> Namni garbummaatti utuu jiruu waamicha gooftaa argate, goofticha biratti inni birmaduu dha; akkasumas namni birmadummaatti utuu jiruu waamame, inni Kristosiif garbicha\*. <sup>23</sup> Waaqayyo gatiidhaan isin bitate, kanaafis garba namootaa hin ta'inaa!\* <sup>24</sup> Egaa obboloota ko, namni adduma addaan waamicha itti waame keessatti hafee Waaqayyo wajjin haa jiraatu.

\*17 7:7,20,24

\*18 Gal 5:1-2

\*19 Rom 2:25-29; Gal 5:6; 6:15

\*21 Qol 3:22

\*22 Efe 6:6; Film la 16

\*23 6:20

### Warra Hin Fuudhinii Fi Hin Heerumiini, Warra Abbaan Manaa Irraa Du'eef Yaada Kennuu Isaa

25 Waa'ee warra qeerrummaadhaa fi durbummaatti jiranii gooftaan abboommii hin kenne; ani garuu akka nama araara gooftaa argatee amanamaa ta'eetti, waa'ee isaaniiif yaada koo nan kenna\*. <sup>26</sup> Rakkina dhufuuf jiru kana keessatti namni utuu hin fuudhin akkasumatti yoo hafe ba'eessa anatti fakkaata\*. <sup>27</sup> Seera gaa'elaatiin haadha manaa keetti hidhamteetaa? Yoos itti hiikamuu hin barbaadin! Niitii hin fuunee? Yoos niitii fuudhuu hin barbaadin! <sup>28</sup> Haa ta'u iyyuu malee, yoo fuute cubbuu hojjechuu kee miti; durbis yoo heerumte cubbuu hojjechuu ishee miti. Warri fuudhanii fi warri heeruman garuu guyyaa guyyaatti jirenya isaanii rakkinni isaan argata;

ani immoo rakkina kana jalaa isin oolchuu barbaadee isin gorsuu koo ti.

\*25 2Qor 8:10

\*26 10:11

29 Obboloota ko, yeroon si'anaa kun dhumuuf jedha jechuu koo ti; si'achi warri haadha manaa qaban akka warra hin qabaatinii haa ta'an\*. <sup>30</sup> Warri boo'an akka warra hin boo'inii, warri gammadan akka warra hin gammadini, warri bitan akka warra qabee-nya hin godhatinii haa ta'an! <sup>31</sup> Warri biyya lafaati dhimma ba'an, akka warra itti dhimma hin ba'inii haa ta'an! Biyyi lafaa inni amma mul'atu kun in dhidhima\*.

\*29 Luq 14:26; Rom 13:11

\*31 1Yoh 2:15-17

32 Waan biyya lafaa kanatti dhimmuu dhiiftanii akka jiraattan nan barbaada. Namni hin fuudhin gooftaa gammachiisudhaaf hojji gooftaatiif dhimmu; <sup>33</sup> namni fuudhe garuu haadha manaa isaa gammachiisudhaaf waan biyya lafaatiif dhimma\*. <sup>34</sup> Yaadni isas iddo lamatti hiramaa dha; dubarttiin deebitte hin heerumin yookiis durbi namummaa ishee fi hafuura ishee jirenya qulla'aadhaaf kennite, hojji gooftaaf in dhimmiti; isheen heerumte garuu abbaa manaa ishee gammachiisudhaaf waan biyya lafaatiif dhimmiti\*. <sup>35</sup> Kanas isin gargaaruuf nan dubbadhe malee, funyoo morma keessanitti diruuf miti; isin wanta qajeelaa, wanta dhaabatas hojjechaa, yaadni keessan waan biraatti utuu hin harkifamin hojji gooftaatiif akka of kennitan nan barbaada.

\*33 Lug 14:20

\*34 1Xim 5:5

36 Namni tokko fuudha ga'ee, kaadhma isaa fuudhuu dhiisuun isaa akka waan ishee irratti dabaa hojjeteetee yoo itti fakkaate garuu, fuudhuun isas hin oolu erga ta'ee, akkuma durjaallatetti wal haa fuudhan; akkasochuu isatiin cubbuu hin hojjetu. <sup>37</sup> Namni tokko immoo fuudhaaf wanti isaa giddisiisu hin jiru yoo ta'e, fedha foon isatiis mo'achuu yoo danda'e, yaaduma garaa isatiin in dhaabata; inni kun yaada garaa isaa muree kaadhima isaa durbummaatti yoo dhiise ba'eessa gochuu isaa ti. <sup>38</sup> Egaa namni ishee kaadhimate fuudhu

ba'eessa godha; inni ishee kaadhimate fuudhuu dhiisee akkasumatti hafus caalaatti ba'eessa godha.

39 Haati manaa, hamma abbaan manaa ishee jirutti seera gaa'elaatiin isatti hidhamtee jiraatti. Erga abbaan manaa ishee du'ee garuu, abbaa feetetti heerumu in dandeessi, garuu nama amanetti haa heerumtu\*. 40 Haa ta'u iyyuu malee, yoo heerumu dhiifte akka yaada kootti caalaa gammachuu in argatti; anis immoo hafuura Waaqayyo qaba jedheen yaada.

\*39 Rom 7:2-3

### Waa'ee Qalma Waaqayyolii Tolfamaniif Dhi'aatuu

8 1 Waa'ee qalma waaqayyolii tolfa- maniif dhi'effamanii gaafattanii turtan. Isin keessaa jarri tokko, "Hundumi keenya beekumsa qabna" akka jedhan in beekna; beekumsi akkasii nama bokoksa, jaallali garuu tokkummaa in ijaara\*. 2 Namni caalaa beeka of se'u amma illee beekuun isaafta'utti hin beeku\*; 3 namni Waaqayyo jaallatu garuu, isa biratti beekamaa in ta'a\*.

\*1 HoE 15:29; Rom 14:19; 15:1-3

\*2 Gal 6:3

\*3 13:12; Gal 4:9

4 Egaa waa'ee qalma waaqayyolii tolfaamaniif dhi'effame nyaachuu immoo, Waaqayyo tolfaamaan dhuguma jirenyaa akka hin qabne akkasumas Waaqayyo tokkicha malee kan biraakka hin jirre nuyi in beekna\*. 5 Waaqayyolii kan jedhaman waqa keessa lafa irras jiru; waaqayyoliin, gooftoliin akkasii baay'ee dha\*. 6 Nuuf garuu Waaqayyo tokkichatu jira; innis abbaa, isa waan hundumaa uume, isa nuyi maqaa isaatifi jiraannus. Akkasumas gooftaa tokkichatu jira; innis Yesus Kristos, isa wanti hundumtuu ittiinuumame, isa nuyi ittiin jiraannus\*.

\*4 10:19; Kes 6:4

\*5 Far 136:2-3

\*6 Mil 2:10; Rom 11:36; Efe 4:5-6; Qol 1:16

7 Haa ta'u iyyuu malee, hundumatu beekumsa kana qaba miti; garuu kaan hamma ammaatti itti turanii waa'ee waaqayyolii tolfaamaniif kana itti baraniiru. Kanaaf yeroo foon qalmaa sana nyaatan akkuma waan Waaqayyo tol-

famaadhaaf dhi'effameetti in nyaati yaadni garaa isaanii dadhabaa waa ta'eefis kanaan in xureeffamu\* 8 Nyaanni gara Waaqayyootti nu hi dhi'eessu; yoo nyaachuu dhiifne wan nutti badu, yoo nyaannes wanti nut tolu hin jiru\*.

\*7 10:27-28; Rom 14:23

\*8 Rom 14:17

9 Garuu kana fo'achuu danda'u keessan kun karaa tokkoon war amantiitti dadhaboo ta'anitti gafuu akka hin taane, of eeggadhaa\*! 10 Tar namni tokko, utuu ati inni beekums kana qabdu galma Waaqayyoo tolfaamaa keessatti maaddiitti dhi'aattee jituu, si arga ta'a; kun qalma Waaqayyof tolfamaadhaaf dhi'aatu nyaachuu yaada garaa isaa isa dadhabaa hi kakaasuu ree? 11 Akkasitti, namichi da dhabaan kun, obboleessumti kee inn Kristos du'eef beekumsa ati qabduu in balleeffama\*. 12 Karaa kanaan obboldoota keessan yakkitanii, yaada garaa isaanii isa dadhabaa madeessuu kees sanii Kristosin in yakkut. 13 Kanaafinyaata akkasitti dhi'aachuu sababi obboleessa koo kuffisu yoo ta'e, an obboleessa koo akkan hin kuffifnett matumaa deebei'ee foon hin nyaadhu\*

\*9 Rom 14:13; Gal 5:13

\*11 Rom 14:15

\*13 Rom 14:21

### Fakkeenyaa Ergamaa Tokkoo

9 1 Ani birmaduu mitii ree? Ani ergamaa mitii ree? Ani gooftaa keenya Yesusin hin arginee ree? Isin bu'aa hojji anि gooftaadhaaf hojjedhee mitii ree? 2 Ergamaa ta'uun koo warra kaan biratti hin fudhatamne yoo ta'e iyyuu, isin biratti fudhatamaa dha; isin kan gooftaa ta'uun keessan iyyuu ergamaa ta'uun koo mallatoodhaan in cimsa\*.

\*1 4:15; 15:8-9; HoE 9:3-5

\*2 2Qor 3:2-3; 12:12

3 Warra ana irratti dubbataniiif deebii, waan ana irratti dubbataniiif fal-mata qaba\*. 4 Waan nyaannu waan dhugnus argachuu nuuf hin ta'uuree? 5 Akka ergamotoa warra kaanii, akka obboldoota gooftaa, akka Keefaa nuyi immoo niitii amante fuunee iddo hundumaaatti wajjin adeemuun nuuf hin ta'uuree? 6 Yookiis anumaa fi

Baarnaabaas duwwaatu soora kee-nyaaf addaan hoijechuun barbaachisee ree? 7 Namni loltuu ta'ee qacarame, horii ofii isatiin lola dhaaqee beekaa ree? Namni waynii dhaabe, ija wayni-chaa hin nyaatuu rec? Namni horii tiku, aannan horii sanaa hin dhuguu ree?

\*3 4:3

\*4 9:13-14; Luq 10:7-8

\*5 Mat 8:14; Yoh 1:42; HoE 1:14

\*6 HoE 13:2; 2Tas 3:7-9

8 Ani isa seerichi jedhun dubbada malee, yaada namaa duukaa bu'ee kana hin dubbadhu. 9 Scera keessatti, "Qotiyyoo siribsiisa irra jiru afaan isaa hin hidhin!" kan jedhu caafamee jira; egaa Waaqayyo qotiyoyota duwwa-dhaaf dhimmee ree? 10 Karaa hundumaa waa'ee keenyaaf dubbata mitii ree? Namni qotisa qotu waa abdachaa akka qotuuf, inni midhaan siribsiis ija isatiin hirmaachuudhaaf abdachaa akka siribsiisuf, kun nuuf jedhee caafame\*. 11 Nuyi wanta jirenya hafu-raatiif barbaachisu erga isiniif facafnee, wanta jirenya fooniif barbaachisu utuu isin irraa haammannee nutti guddata turee ree? 12 Warri kaan kan akkasii isin irraa argachuu in ta'aaf erga ta'ee, nuuf immoo caalaatti nuuf hin ta'u turee ree? Nuyi garuu waan nuuf in ta'a ture kanaan hin hojjenne, wangeela Kristositti danqaraa akka hin taaneef, waan hundumaa of irra kee-nye\*.

\*9 Kes 25:4; 1Xim 5:18

\*10 Yaq 5:7; 2Xim 2:6

\*11 Rom 15:27

\*12 HoE 20:33-34; 2Qor 11:9; 12:13

13 Warri mana qulqullummaa kees-saa hoijetan, mana qulqullummaatii nyaata isaanii akka argatan, warri iddo aarsaati qalma dhi'eessan isa ar-saadhaaf dhi'aate sana irraa akka hir-maatan hin beektanii ree? 14 Akkasuma immoo warri wangeela labsan waan ittiin jiraatan wangeelichumaan akka argatan gooftichi abboomeeraaf\*. 15 Ani garuu waan anaaf in ta'a ture kana keessaa tokkotti illee dhimma hin baane. Ammas wanta anaaf in ta'a ture kana argachuudhaaf jedhee kana caafuu koo miti; kanaa mannaa du'u koo wayya. Waanan ittiin of jajuu danda'u kana, namni bishaan itti na duraa hin

naqin\*. 16 Wangeela lallabuu kootiin of jajuu hin danda'u; kana himuun ana irraa in barbaadama; wangeela yoon lallabuu dhaabaadhe garuu, anaaf way-yoo!\* 17 Fedha kootiin utuu kana godhee gatii nan argadhan ture; fedha koo malee erga ta'ee garuu, hojiin kun Waaqayyo biraa hadaraa anatti kennamuu isaa ti\*. 18 Egaa bu'aan koo maali ree? Bu'aan koo lallabuu koo ti, wangeelaan isa argachuu anaaf in ta'a tures utuu hin gaafatin, wangeela tola namatti himuu dha.

\*13 Kes 18:1-3

\*14 9:4; Mat 10:10; Luq 10:7; Gal 6:6

\*15 18:3; 2Qor 11:7-8

\*16 1:17; Er 20:9

\*17 4:1-2

19 Namoota hundumaa biratti bir-maduu ta'ee utuman jiruu, caalaatti namoota buufachuudhaaf hundumaa garba of godheera\*. 20 Yihudoota biratti, warra Yihudoota buufachuu-dhaaf akka Yihudiin ta'e; warra seera jala jiran biratti, ofii kootii seera jala yoon jiraachuu dhaabaadhe iyyuu, warra seera jala jiran sana buufachuudhaaf akka nama seera jala jiruu ta'e\*. 21 Warra seericha hin qabne biratti, isaan buufachuudhaaf akka nama see-rica hin qabneen ta'e; haa ta'u iyyuu malee, seera Kristos jala waanan ji-ruuf, ani seera Waaqayyo hin dhab-ne\*. 22 Warra amantiitti xobbee ta'an biratti, warra amantiitti xobbee ta'an buufachuudhaaf akka nama xobbee ta'eera; karaadhuma hundumaa na-moota muraasa illee oolchuudhaaf, na-moota hundumaa biratti waan fakkaatu hundumaa ta'eera\*. 23 Hojji wangeelaatiin kennaa isaa keessaa hirmaachuudhaaf, wangeelaaf jedhee kana hundumaa nan godha.

\*19 10:33; Mat 20:27-28

\*20 HoE 16:3; 21:20-26

\*21 Gal 2:3

\*22 Rom 11:14; 2Qor 11:29

24 Warri wal dorgoman hundinuu yoo fiigan iyyuu, kan dura darbee kennaa argatu garuu, tokkicha akka ta'e hin beektanii ree? Isinis akkasuma kennaa sana akka argattanii fiigaa\*! 25 Namni dorgeedhaaf qophaa'u, waan eeggachuu isa barbaachisu hundumaa irraa of in eeggata. Warri wal dorgo-man gonfoo baala irraa hoijetame, isa

ba'eessa godha; inni ishee kaadhimate fuudhuu dhiisee akkasumatti hafus caalaatti ba'eessa godha.

39 Haati manaa, hamma abbaan manaa ishee jirutti seera gaa'elaatiin isatti hidhamtee jiraatti. Erga abbaan manaa ishee du'ee garuu, abbaa feetetti heerumuun in dandeessi, garuu nama amanetti haa heerumtu\*. 40 Haa ta'u iyyuu malee, yoo heerumuun dhiifte akka yaada kootti caalaa gammachuu in argatti; anis immoo hafuura Waaqayyo qaba jedheen yaada.

\*39 Rom 7:2-3

### Waa'ee Qalma Waaqayyolii Tolfamaniif Dhi'aatuu

8 1 Waa'ee qalma waaqayyolii tolfa- maniif dhi'eefamanii gaafattanii turtan. Isin keessaa jarri tokko, "Hundumti keenya beekumsa qabna" akka jedhan in beekna; beekumsi akkasii nama bokoksa, jaallali garuu tokkummaa in ijaara\*. 2 Namni caalaa beeka of se'u amma illee akka beekuun isaafta'utti hin beeku\*; 3 namni Waaqay-yoon jaallatu garuu, isa biratti beekamaa in ta'a\*.

\*1 HoE 15:29; Rom 14:19; 15:1-3

\*2 Gal 6:3

\*3 13:12; Gal 4:9

4 Egaa waa'ee qalma waaqayyolii tolfamaniif dhi'eefame nyaachuu immoo, Waaqayyo tolfamaan dhuguma jirenya akka hin qabne akkasumas Waaqayyo tokkicha malee kan biraan akka hin jirre nuyi in beekna\*. 5 Wa-aqayyolii kan jedhaman waaqa keessa lafa irras jiru; waaqayyoliin, gooftoliin akkasii baay'ee dha\*. 6 Nuuf garuu Waaqayyo tokkichatu jira; innis abbaa, isa waan hundumaa uume, isa nuyi maqaa isatiif jiraannus. Akkasumas gooftaa tokkichatu jira; innis Yesus Kristos, isa wanti hundumtuu ittiin uumame, isa nuyi ittiin jiraannus\*.

\*4 10:19; Kes 6:4

\*5 Far 136:2-3

\*6 Mil 2:10; Rom 11:36; Efe 4:5-6;

Qol 1:16

7 Haa ta'u iyyuu malee, hundumatu beekumsa kana qaba miti; garuu kaan hamma ammaatti itti turanii waa'ee waaqayyolii tolfamaniif kana itti baraniiru. Kanaaf yeroo foon qalmaa sana nyaatan akkuma waan Waaqayyo tol-

famaadhaaf dhi'eeffameetti in nyaatu; yaadni garaa isaanii dadhabaa waan ta'eefis kanaan in xureeffamu\*. 8 Nyaanni gara Waaqayyootti nu hin dhi'eessu; yoo nyaachuu dhiifne wanti nutti badu, yoo nyaannes wanti nutti tolu hin jiru\*.

\*7 10:27-28; Rom 14:23

\*8 Rom 14:17

9 Garuu kana fo'achuu danda'uun keessan kun karaa tokkoon warra amantiitti dadhaboo ta'anitti gafuu akka hin taane, of eeggadhaa\*. 10 Tarii namni tokko, utuu ati inni beekumsa kana qabdu galma Waaqayyo tolfa-maa keessatti maaddiitti dhi'aattee jir-tuu, si arga ta'a; kun qalma Waaqayyo tolfamaadhaaf dhi'aatu nyaachuuuti yaada garaa isaa isa dadhabaa hin kakaasuu ree? 11 Akkasitti, namichi dadhabaan kun, obboleessumti kree inni Kristos du'eef beekumsa ati qabduun in balleeffama\*. 12 Karaa kanaan obbo-loota keessan yakkitanii, yaada garaa isaanii isa dadhabaa madeessuu kees-saniini Kristosin in yakkitu. 13 Kanaafis nyaata akkasiitti dhi'aachuun sababii obboleessa koo kuffisu yoo ta'e, ani obboleessa koo akkan hin kuffifnetti matumaa deebi'ee foon hin nyaadhu\*.

\*9 Rom 14:13; Gal 5:13

\*11 Rom 14:15

\*13 Rom 14:21

### Fakkeenyaa Ergamaa Tokkoo

9 1 Ani birmaduu mitii ree? Ani ergamaa mitii ree? Ani gooftaa keenya Yesusin hin arginee ree? Isin bu'aa hojii ani gooftaadhaaf hojjedhee mitii ree? 2 Ergamaa ta'uun koo warra kaan biratti hin fudhatamne yoo ta'e iyyuu, isin biratti fudhatamaa dha; isin kan gooftaa ta'uun keessan iyyuu ergamaa ta'uun koo mallatoodhaan in cimsa\*.

\*1 4:15; 15:8-9; HoE 9:3-5

\*2 2Qor 3:2-3; 12:12

3 Warra ana irratti dubbataniif deebii, waan ana irratti dubbataniifis fal-mata qaba\*. 4 Waan nyaannu waan dhugus argachuu nuuf hin ta'u ree? 5 Akka ergamootaa warra kaanii, akka obboloota gooftaa, akka Keefaa-nuyi immoo niittii amante fuunee iddo hundumaaatti wajjin adeemuun nuuf hin ta'u ree? 6 Yookiis anumaa fi

Baarnaabaas duwwaatu soora kee-nyaaf addaan hojjechuun barbaachisee rree? 7 Namni loltuu ta'ee qacarame, horii ofii isatiin lola dhaaqee beekaa ree? Namni waynii dhaabe, ija waynichaa hin nyaatuu ree? Namni horii tiks, aannan horii sanaa hin dhuguu ree?

\*3 4:3

\*4 9:13-14; Lug 10:7-8

\*5 Mat 8:14; Yoh 1:42; HoE 1:14

\*6 HoE 13:2; 2Tas 3:7-9

8 Ani isa seerichi jedhun dubbadaa malee, yaada namaa duukaa bu'ee kana hin dubbadaa. 9 Seera keessatti, "Qotiyyoo sirbsiisa irra jiru afaa isaa hin hidhin!" kan jedhu caafamee jira; egaa Waaqayyo qotiyoota duwwaa-dhaaf dhimmee ree? 10 Karaa hundumaa waa'ee keenyaaf dubbata mitii ree? Namni qotisa qotu waa abdachaa akka qotuuf, inni midhaan sirbsiisus ija isatiin hirmaachuudhaaf abdachaa akka sirbsiisuuf, kun nuuf jedhee caafame\*. 11 Nuyi wanta jirenya hafuu-raatiif barbaachisu erga isiniif facaa-fnee, wanta jirenya fooniitif barbaa-chisu utuu isin irraa haammannee nutti guddata turee ree? 12 Warri kaan kan akkasii isin irraa argachuu in ta'aaf erga ta'ee, nuuf immoo caalaatti nuuf hin ta'u turee ree? Nuyi garuu waan nuuf in ta'a ture kanaan hin hojenne, wangeela Kristositti danqaraa akka hin taaneef, waan hundumaa of irra kee-nyee\*.

\*9 Kes 25:4; IXim 5:18

\*10 Yaq 5:7; 2Xim 2:6

\*11 Rom 15:27

\*12 HoE 20:33-34; 2Qor 11:9; 12:13

13 Warri mana qulqullummaa kees-saa hoijetan, mana qulqullummaa ti nyaata isaanii akka argatan, warri id-doo aarsaatti qalma dhi'eessan isa aar-saadaaf dhi'aate sana irraa akka hir-maatian hin beektanii ree? 14 Akkasuma immoo warri wangeela labsan waan ittiin jiraatan wangeelichumaan akka argatan gooftichi abboomeeraaf\*. 15 Ani garuu waan anaaf in ta'a ture kana keessaa tokkotti illee dhimma hin baane. Ammas wanta anaaf in ta'a ture kana argachuudhaaf jedhee kana caafuu koo miti; kanaa mannaa du'u koo wayya. Waanan ittiin of jajuu danda'u kana, namni bishaan itti na duraa hin

naqin\*. 16 Wangeela lallabuu kootiin of jajuu hin danda'u; kana himuu ana irraa in barbaadama; wangeela yoon lallabuu dhaabaadhe garuu, anaaf way-yoo! 17 Fedha kootiin utuun kana godhee gatii nan argadhan ture; fedha koo malee erga ta'ee garuu, hojiin kun Waaqayyo biraa hadaraa anatti kennamuu isaa ti\*. 18 Egaa bu'aan koo maali ree? Bu'aan koo lallabuu koo ti, wan-geelaan isa argachuu anaaf in ta'a tures utuu hin gaafatin, wangeela tola namatti himuu dha.

\*13 Kes 18:1-3

\*14 9:4; Mat 10:10; Lug 10:7; Gal 6:6

\*15 18:3; 2Qor 11:7-8

\*16 1:17; Er 20:9

\*17 4:1-2

19 Namoota hundumaa biratti bir-maduu ta'ee utuman jiruu, caalaatti namoota buufachuudhaaf hundumaa garba of godheera\*. 20 Yihudoota biratti, warra Yihudoota buufachuudhaaf akka Yihudiin ta'e; warra seera jala jiran biratti, ofii kootii seera jala yoon jiraachuu dhaabaadhe iyyuu, warra seera jala jiran sana buufachuudhaaf akka nama seera jala jiruu ta'\*.

21 Warra seericha hin qabne biratti, isaan buufachuudhaaf akka nama see-rica hin qabneen ta'e; haa ta'u iyyuu malee, seera Kristos jala waanan ji-ruuf, ani seera Waaqayyoo hin dhab-ne\*.

22 Warra amantiitti xobbee ta'an biratti, warra amantiitti xobbee ta'an buufachuudhaaf akka nama xobbee ta'eera; karaadhuma hundumaa na-moota muraasa illee oolchuudhaaf, na-moota hundumaa biratti waan fakkaatu hundumaa ta'eera\*.

23 Hojii wangeelaatiin kennaa isaa keessaa hirmaachuudhaaf, wangeelaaf jedhee kana hundumaa nan godha.

\*19 10:33; Mat 20:27-28

\*20 HoE 16:3; 21:20-26

\*21 Gal 2:3

\*22 Rom 11:14; 2Qor 11:29

24 Warri wal dorgoman hundinuu yoo fiigan iyyuu, kan dura darbee kennaa argatu garuu, tokkicha akka ta'e hin beektanii ree? Isinis akkasuma kennaa sana akka argattaniif fiigaa\*!

25 Namni dorgeedhaaf qophaa'u, waan eegachuu isa barbaachisu hundumaa irraa of in eeggata. Warri wal dorgo-man gonfoo baala irraa hojjetame, isa

coollagee badu argachuudhaaf kana godhu; nuyi garuu isa hin badne argachuudhaaf in dhamamaana\*. <sup>26</sup> Anis akku-ma kanatti akeeka koo bira ga'uudhaaf nan fiiga; abootuun koos akka nama akeeka isaa dhabee qilleensa rukutuu hin ta'u. <sup>27</sup> Ani warra kaan dorgomeetti waamee, ofii kootii akkan keessaa hin hambifamneef, dhagni koo itti baree waan itti dhufu hundumaa akka danda'u, haleeleekka abboomamus go-chuun anaaf in ta'a\*.

\*24 Filp 3:12-14; 2Xim 4:7

\*25 2Xim 2:4-5; 4:8; 1Phe 5:4; Yaq 1:12

\*27 Rom 8:13-14; 13:14

### Waaqayyolii Tolfaman Irraa Of Eeggachiisu Isaa

**10** <sup>1</sup> Yaa obboloota ko! Abboonni keenya hundinuu, [utubaa] duumessaan sana jala akka turan, hundumti isaanis galaanicha akka ce'an akka beektan nan barbaada\*. <sup>2</sup> Hundumti isaanis kan Musee ta'uudhaaf duumessichaa fi galaanicha keessatti cuuphamaniiru, <sup>3</sup> hundumti isaanii nyaata hafuuraa isa tokkicha sana nyaataniiru\*; <sup>4</sup> hundumti isaanii dhu-gaatii hafuuraa isa tokkicha sana dhu-ganiiru; isaan kattaa hafuuraa isa gud-dicha, isa isaanii wajjin adeemaa tu-retti dhuganiiru; kattaaan guddichi sun immoo Kristos ture\*. <sup>5</sup> Haa ta'u iyyuu malee, Waaqayyo isaan keessaa namoota baay'eetti waan hin gammadi-niif, lafa duwwaatti in gataman\*.

\*1 Bau 13:21-22; 14:22-29; Far 78:13-14

\*3 Bau 16:4,35; Far 78:24-29

\*4 Bau 17:6; Lak 20:11; Kes 32:4,18;

Far 78:15-16

\*5 Lak 14:22-23, 29-30, 32; Ibr 3:17

6 Wanti kun hundinuu immoo, nus akkuma isaan sanaa waan hamaa akka hin hawwineef of nu eeggachiisu\*. <sup>7</sup> Isaan keessaa kaan waaqayyolii tol-famaniif akka sagadan, isin warra waa-qayyolii tolfaaman waqessan hin ta'i-naa! Akkuma caafame, "Jarri gar-malee nyaachuu fi dhuguuf taa'anii, gar-malee sirbuuf immoo ka'an" jedhe\*. <sup>8</sup> Isaan keessaa kaan gaalamo-tummaatti gad of dhiisanii, guyyaa tokkotti namoonni kumni digdamii sa-dii akka dhuman, kottaa nu immoo gaalamootummaatti gad of hin dhiif-nuu\*. <sup>9</sup> Isaan keessaa kaan aango goftichaa qoranii, bofni akka isaan

balleesse, nu immoo aangoo goftichaa qoruun nuuf hin ta'u\*. <sup>10</sup> Isaan keessaa kaan guungumani, ergamaa isa nama balleessuun akka balleeffaman, isinis hin guunguminaa\*!

\*6 Lak 11:4; Far 78:18-20

\*7 Bau 32:6

\*8 Lak 25:1-18

\*9 Lak 21:5-6

\*10 Lak 14:2; 16:41-49; Ibr 3:11,17

11 Wanti kun hundinuu warra kaan qqqobachuudhaaf isaanitti dhufe, nuyi warra dhumni barichaa irra ga'eef immoo barumsa akka nuuf ta'uuf caafame\*. <sup>12</sup> Kanaafis namni dhaabatee waan jiru itti fakkatu, akka hin kuf-neef of haa eegatu\*. <sup>13</sup> Qoramni namatti dhufee hin beekne isinitti hin dhufne. Waaqayyo amanamaa waan ta'eefis, humna keessan gararraatti akka isin qoramtaaif isin hin dhiisu, garuu qorama sana keessatti akka isin dandeessan in godha, karaa isin kees-saa baatanis isiniif in kenna\*.

\*11 Rom 15:4; Ibr 4:11; 1Phe 4:7

\*12 Rom 11:20

\*13 1:9; 2Tas 3:3; Yaq 1:13; 2Phe 2:9

14 Kanaafis yaa michoota ko, waa-qayyolii tolfaamaniif sagaduu irraa fa-gaadhaa\*. <sup>15</sup> Isin warra hubatootti nan dubbadha; waanan dubbadhu immoo isinumiti faradaa! <sup>16</sup> Xoofoo eebbaa isaa eebfannu irraa hirmaachuu keenya, dhiiga Kristos irraa hirmaachuu keenya mitii ree? Buddeena isa cabsannu irraa hirmaachuu keenya, dhagna Kristos irraa hirmaachuu keenya mitii ree\*? <sup>17</sup> Buddeenni tokkicha waan jiruuf, nus immoo hammam yoo baay'anne iyyuu, hundumti keenya buddeena tokkicha sana irraa waan hirmaannuuf, nuyi dhagna tokkicha\*. <sup>18</sup> Mee saba Israa'el ilaala! Warri kennaa dhi'aatu sana irraa nyaatan, kennaa iddo aarsaa irraa Waaqayyoo wajjin hirmaatu mitii ree\*? <sup>19</sup> Egaa kun, qalmi waaqayyolii tolfaamaniif dhi'eefame yookiis Waa-qayyo tolfaaman ofuma isaatii waan tokkotti in gala jechuu koo tii ree\*? <sup>20</sup> Waawuu! Warri saba Waaqayyoo hin ta'in waan qalmaaf dhi'eessan hafu-rota hamootaaf dhi'eessu malee, Waa-qayyoof miti jechuu koo ti; ani immoo akka isin hafu-rota hamootaa wajjin hirmaattota taatan hin barbaadu\*. <sup>21</sup> Xoofoo goftaa keessaa akkasumas

xoofoo hafu-rota hamootaa keessaa dhuguu hin dandeessan; maaddii goftaa irraa akkasumas maaddii hafu-rota hamootaa irraa hirmaachuu hin dandeessan\*. <sup>22</sup> Nuyi goftaa hinaafsiuu barbaanna ree? Nuyi isa caalaa jaboo dhaa ree\*?

\*14 1Yoh 5:21

\*16 11:23-26; Mat 26:26-28; Mar 14:22-24; Luq 22:19-20; HoE 2:42

\*17 12:27; Rom 12:5

\*18 Lew 7:6,15,16

\*19 8:4

\*20 Kes 32:17; Lew 17:7; Mul 9:20

\*21 2Qor 6:15-16

\*22 Kes 32:21

23 "Wanti hundinuu dhowwaa hin qabu!" in jedhama, garuu wanti hundinuu immoo nama hin gargaaru; "Wanti hundinuu dhowwaa hin qabu!" garuu wanti hundinuu ijaarsaaf hin ta'u\*. <sup>24</sup> Namni waan isatti tolu utuu hin ta'in, waan nama kan biraatti tolu haa barbaadu\*. <sup>25</sup> Foon dhaabii fooniitti gur-guramus, yaada garaa keessanii akka hin tuqneef, waaqayyolii tolfaamaniif qalamuu isaa utuu hin gaafatin, nyaachuu in dandeessu\*, <sup>26</sup> akkuma caaffani-qulqulla'aan jedhu iyyuu, "Biyyi lalaa wanti ishee keessa jirus hundinuu kan goftaa ti\*".

\*23 6:12; 8:1

\*24 13:5; Rom 15:2; Filp 2:4

\*25 Rom 14:2-10

\*26 Far 24:1; 50:12

27 Namni hin amanne tokko mana isatti nyaataaf yoo isin waame, isinis dhaquu yoo barbaaddan, yaada garaa keessanii akka hin tuqneef, maaliif qophaa'e jettanii utuu hin gaafatin, waan isiniif dhi'aate nyaadhaa! <sup>28</sup> Namni tokko, "Kun qalma aarsaad-dhaaf dhi'aatee dha" jedhee yoo isinitti hime garuu, waa'ee namicha isinitti hime sanaaf, yaada garaa isaa waan tuquuf hin nyaatinaa\*. <sup>29</sup> Kunis yaada garaa isaa akka hin tuqneef malee, yaada garaa kee jechuu koo miti; ati immoo, "Yoos birmadummaan koo yaada garaa nama biraatiin maaliif ittifamaa ree? <sup>30</sup> Ani ga'a koo galateef-fadhee yoon fudhadhe, nyaata isa ani Waaqayyoon itti galateeffadheef maa-liifan ceepha'ama ree?" jettee in gaafatta ta'a\*.

\*28 8:7

\*30 Rom 14:6; 1Xim 4:4

31 Egaa yoo nyaattan yookiis yoo dhugdan yookiis waanuma hujettan hundumaa ulfina Waaqayyoof hujed-haa!\* <sup>32</sup> Warra Yihudootaatti, warra Yihudoota hin ta'inittis yookiis waldaa kristiyaanaa Waaqayyooti gufuu hin ta'innaa!\* <sup>33</sup> Ani karaa koo waanuman hujedjuun nama hundumaa gamma-chiisii nan yaala; isaan akka fayyanif, waan anaaf waa'ee baasu utuu hin ta'in, waan namoota baay'eedhaaf waa'ee baasu nan barbaada\*.

\*31 Qol 3:17

\*32 Rom 14:13

\*33 8:13; 9:19-22

**11** <sup>1</sup> Egaa akkuma ani fakkeenyaa Kristos fudhadhe, isinis immoo fakkeenyaa koo fudhadhaa\*!

\*1 4:16; Filp 3:17

### Akka Itti Dubartoonni Sagadaaf Dhi'aachuun Ta'u

2 Waan hundumaatti waan na yaadtanniif, barsiisa ani isin barsiisetti qabamtanii waan jirtaniif, isin nan jaja. <sup>3</sup> Amma immoo Kristos mataa warra dhiiraa, abbaan manaa mataa haadha manaa, Waaqayyo mataa Kristos ta'u isaa, akka beektan nan barbaada\*.

<sup>4</sup> Dhiirri waldaa keessatti yommuu kadtatu yookiis yommuu waan Waa-qayyo itti mul'ise himu, yoo haguuggate mataa isaa in salphisa. <sup>5</sup> Dubartiin waldaa keessatti yommuu Waaqayyoon kadtatu yookiis yommuu waan Waa-qayyo itti mul'ise himtu, yoo haguuggachuu dhaabaatte garuu, mataa ishee in salphisti; isheen kun dubartii mataa haaddattee wajjin wal hin caaltu.

<sup>6</sup> Egaa dubartiin yoo haguuggachuu

dhaabaatte, rifeensa mataa ishee murat-

tee iyyuu hin yeellaatu, dubartiin

sababii malee rifeensa mataa ishee

muratte yookiis haaddatte salphachuu

yoo jibbite immoo haa haguuggattu.

\*3 3:23; Uma 3:16; Efe 5:23

<sup>7</sup> Dhiirri bifaa Waaqayyootii fi ulfi-na Waaqayyo kan argisiisu erga ta'ee, haguuggachuu isaaft hin ta'u; dubartii garuu ulfina dhiiraa in argisiifti\*.

<sup>8</sup> Jalqabatti dubartii dhiirattii argame malee, dhiirri dubartii dhiirattii hin argamne.

<sup>9</sup> Dubartiit dhiiraf jedhee uumame malee, dhiirri dubartii dhiiraf jedhee hin uumamne\*.

<sup>10</sup> Kanaaf dubartiin ergamoota Waaqayyo duratti aboo jala

jiraachuu ishee kan argisiisu, haguug-gii mataa irraa qabaachuun in ta'aaf\*. <sup>11</sup> Haa ta'u iyyuu malee, gooftaan ishee dubartii isa dhiiraattii, isa dhiiraas ishee dubartiitii addaan baasee hin ilaalu. <sup>12</sup> Dubartiin dhiirattii akkuma argante akkasuma immoo dhiirri dubartii irraa dhalate, hundinuu garuu Waaqayyo biraa dhufan.

- \*7 *Uma* 1:26-27
- \*8-9 *IXim* 2:13; *Uma* 2:18-23
- \*10 *Uma* 6:2; 24:65

13 Dubartiin utuu mataa ishee hin haguuggatin waldaa keessatti Waaqay-yoon kadhachuu qajeelaa dhaa ree? Isinumti ofii keessanii faradaa! <sup>14</sup> Dhiirri rifeensa mataa isaa dheereffachuun isaaif salphina akka ta'e, akki namni itti uumame isin hin barsiisuu ree? <sup>15</sup> Garuu dubartiin rifeensa dheeraa yoo qabaatte, kun isheedhaaf ulfina mitii ree? Rifeensi ishees akka isheen ittiin gol-gattuuf kennameef. <sup>16</sup> Nama yaada ka-naan mormuu barbaaduuf garuu, nuyi, waldooni Waaqayyoos amala kan bira-aa hin qabnu\*.

- \*16 *IXim* 6:3-5

### Akka Itti Walitti Qabamuun Ta'u

17 Yeroo sagadaaf walitti qabamta-nitti, akka itti walitti qabamuun keessa-nii wayyeessuu irra caalaa kan ballees-su waan ta'eef, waa'ee isaaifiisa ani dubbachuu jiru keessatti isin hin jaja-dhu. <sup>18</sup> Hundumaa dura waldaan kees-san yommuu walitti qabamu, yaadaan gargar ba'uun isin keessa akka jiru dhaba'eera; kana keessaan kaan dhugaa akka ta'ee nan amana\*. <sup>19</sup> Isin keessaan warri qoramaii fudhataman akka bee-kamaniif, isin gidduutti barsiisa isaa-niitiin gargar ba'uun jiraachuuutu ta'a\*. <sup>20</sup> Egaa akka isin itti walitti qabamtan kanatti walitti qabamuun, irbaata goof-taa isaa qulqulluu nyaachuu hin ta'u. <sup>21</sup> Yeroo nyaataatti hundinuu adduma addaan nyaataa fidee dhufee nyaachuu-tti in ka'a, inni tokko in beela'a, inni kaan immoo in machaa'a. <sup>22</sup> Maali? Mana itti nyaattanii dhugdan hin qabdani ree? Yookiis waldaa Waaqay-yoo tuffachuu keessanii? Warra homaa hin qabnes yeellaasisuu keessanii? Ani maal isiniin jedhu ree? Isin jajadhuu ree? Ani kana irratti isin hin jajadhu\*.

- \*18 *1:10-12; 3:3-4*
- \*19 *Mat 18:7; 1Yoh 2:19*
- \*22 *Yaq 2:5-6*

### Dhaabbii Irbaata Gooftaa Yaadachiisuu Isaa

(*Mat 26:26-29; Mar 14:22-25; Luq 22:14-20*)

23 Barsiifni ani isiniittidabarse, i ma ani gooftaa biraa fudhadhe tu Innis, Yesus gooftaan halkanuma dabarfamee kennamee sanatti buddee fuudhee, <sup>24</sup> Waaqayyoon galateeffat buddeenicha cabsee, "Inni isiniif ca-kun dhagna koo ti, kanas seenaa koo godhadhaa!" jedhe. <sup>25</sup> Erga nyaataa booddees akkuma sanatti xooficha dhatee, "Xofoon kun kakuu isa haraa, dhiiga kootiin dhaabatu dha; y-roodhuma isa keessaan dhugdanitti se-naa kootiif godhadhaa!" jedhe. <sup>26</sup> Yeroodhuma buddeena kana nyaatti, yeroodhuma xoofoo kana keessaa dhugdanitti, hamma gooftaan deebi dhufutti akka inni [namootaaf] du'e labstu.

- \*25 *Bau* 24:8; *Er* 31:31-34; *Bau* 24:6-8

### Utuu Gargar Hin Baasin Irbaata Gooftaatti Dhi'aachuuun Maal Akka Fidu

27 Kanaafis sababii maaliitiif aki dhi'aatu utuu gargar hin baasin nam buddeenicha nyaatu, xoofoo goofta-keessaas dhugu, dhagna gooftaa dhiigisaas in yakka. <sup>28</sup> Egaa, namni qoree haa ilaalu! Ergasiis buddeenicha irra-haa nyaatu, xooficha keessaas haa dhugu\*. <sup>29</sup> Dhagna gooftaa ta'u isaa ya-datee utuu gargar hin baasin nam buddeenicha nyaatu, xooficha keessaas dhugu, firdii of irratti fiduudhaaf in nyaataa in dhugas\*. <sup>30</sup> Sababii kanaa-baay'een keessaan dhukkubsatoo dh-dadhaboo dhas; namoonni kaanis du'niiru. <sup>31</sup> Utuu of irratti arginee nuyi irratti murreerra ta'ee, Waaqayyo nu-hin faradu ture. <sup>32</sup> Yeroo amma nui-faradamu immoo, firdiin bara barabiyya lafaa wajjin akka nutti hin fad-damnetti, gooftichi akkasitti adabee n-qajeechla\*.

- \*28 *Mat 26:22; 2Qor 13:5*
- \*29 *10:16-17*
- \*32 *Ibr 12:5-6; 1Phe 4:17*

33 Kanaafis yaa obboloota ko! Irbaata gooftaa isa qulqulluu nyaachuu-dhaaf yommuu walitti qabamtaan wal eegaa. <sup>34</sup> Walitti qabamuun keessan firdii Waaqayyoo akka isin irratti hin fidneef, namni beela'e mana isaatti haa nyaatu! Waa'ee dhimma isa kan biraa immoo yommuun dhufu nan seerradha\*.

- \*34 *16:5*

### Hafuurri Qulqulluun Kennaa Garaa Garaa Kennuu Isaa

**12** <sup>1</sup> Yaa obboloota ko! Waa'ee kennaar garaa garaa hafuurri qulqulluun kennuu, akka hubattan nan barbaada\*. <sup>2</sup> Isin amma illee saba Waaqayyo utuu hin ta'in dura, karaa irraa kaachifamtanii gara waaqayyoli tolfa-man warra duudaatti, akka oofamaa turtan in beektu\*. <sup>3</sup> Akkasumas namni hafuura Waaqayyootiin geggeeffamu, "Yesus abaaramaa dha" jechuu, namni tokko illees hafuura qulqulluutiin yoo ta'e malee, "Yesus gooftaa dha" jechuu, akka hin dandeenye cimsee isin-nittan beeksisa\*.

- \*1 *14:1*

- \*2 *Anb 2:18-19*

- \*3 *Mar 9:39; Yoh 13:13; 1Yoh 4:2-3*

4 Kennaan hafuuraa gosa garaa garaatu jira, hafuuri chi garuu tokkicha-ma\*. <sup>5</sup> Ergaa garaa garaatu jira, goof-taa ergamanifi garuu tokkichuma\*. <sup>6</sup> Hojii garaa garaatu jira, Waaqayyo inni hojii hundumaa adduma addaan yaada namaa keessa kaa'u garuu tokkicha\*. <sup>7</sup> Karaan kennaan hafuuraa ad-duma addaan nama keessaan mul'atu, hundumaa bu'a akka ta'uuf kennamee\*. <sup>8</sup> Isa tokkoof ogummaadhaan dub-bachuu hafuuraan kennameef, isa kaaniif immoo beekumsa barsiisutu hafuurauma sanaan kennameef\*; <sup>9</sup> isa kaaniif amantiitu hafuurauma sanaan kennameef, isa kaaniif immoo kennaa warra dhukkubsatan fayyisutu hafuura tokkicha sanaan kennameef; <sup>10</sup> isa kaaniif dinqii hojjechuutu, isa kaaniif raajii dubbachuu, isa kaaniif hafuurota gargar baasee beekuu, isa kaaniif afaan hin beekamneen dubbachuu, isa kaaniif afaan hin beekamneen sana hiikuutu kennameef\*! <sup>11</sup> Hafuurri in-numti tokkichi sun hojii kana hundumaa hojjetamuudhaan in ga'a; inni

akka jaalala isaatti tokkon tokkon na-maaf kennaa addaa in hira\*.

- \*4 *12:11; Rom 12:6-8; Efe 4:4*

- \*5 *8:6; Efe 4:11*

- \*6 *Efe 4:6*

- \*7 *14:26; Efe 4:12*

- \*8 *13:2*

- \*10 *13:1-2; 14:1,5,24,29; HoE 2:4; 1Yoh 4:1*

- \*11 *Rom 12:3; Efe 4:7*

### Fakkeenya Dhagna Tokkicha Bu'aa Dhagnaa Baay'ee Qabuu

12 Kristos akka dhagna tokkicha isabu'aa dhagnaa baay'ee qabuu ti; bu'aaan dhagnaa sun yoo baay'atan iyyuu dhagnuma tokkicha\*. <sup>13</sup> Nuyi Yihudooni, warri Yihudoota hin ta'inis, warri garbummaa jala jiran, warri bir-maduunis hundumti keenya dhagna tokko ta'uudhaaf hafuura tokkoon cuu-phamneerra, nuyi hundumti keenya akka dhugnuufis hafuuri qulqulluun inni tokkichi nuuf kennameera\*.

- \*12 *10:17; Rom 12:4-5*

- \*13 *Gal 3:28*

14 Dhagni tokko immoo bu'aa dhagnaa baay'ee qaba malee, tokkicha duwwaa qaba miti. <sup>15</sup> Fakkeenyaaf miilli, "Ani harka miti, kanaaf ani kan dhagnaa miti" yoo jedhe, kun bu'aa dhagnaa tokko ta'u isaa hin oolchu.

<sup>16</sup> Gurris, "Ani ija miti, kanaaf ani kan dhagnaa miti" yoo jedhe, kun bu'aa dhagnaa tokko ta'u isaa hin oolchu.

<sup>17</sup> Ega guutummaan dhagnaa ija utuu ta'ee, attamitti dhaga'uu danda'a ree? Guutummaan dhagnaa gurra utuu ta'ee, attamitti fuunfachuu danda'a ree?

<sup>18</sup> Waaqayyo garuu bu'aa dhagnaa hundumaa adduma addaan akka ofii barbaadetti iddo iddo isaatti qopheesse\*. <sup>19</sup> Bu'aaan dhagnaa hundumtuu, bu'aa dhagnaa tokkicha isa waan tokkicha duwwaa hojjetu yoo ta'e, attamitti dhagna guutuu ta'a ree? <sup>20</sup> Kanaaf akka amma jirutti, bu'aaan dhagnaa baay'ee dha, dhagni garuu tokkicha.

- \*18 *15:38*

21 Iji harkaan, "Ati anaaf hin barbaachiftu" yookiis mataan miillan isaatiin "Isin anaaf hin barbaachiftan" jechuu hin danda'u. <sup>22</sup> Caalaatti iyyuu bu'aa dhagnaa hundumaa keessaan warra barbaachisoo hin fakkaannetu barbaachisoo dha. <sup>23</sup> Bu'aa dhagnaa warra tuffatamoo nutti fakkaatanifis

jiraachuu ishee kan argisiisu, haguug-gii mataa irraa qabaachuun in ta'aaf\*. <sup>11</sup> Haa ta'u iyyuu malee, gooftaan ishee dubartii isa dhiiraattii, isa dhiiraas ishee dubartiitii addaan baasee hin ilaalu. <sup>12</sup> Dubartiin dhiirattii akkuma argamte akkasuma immoo dhiirri dubartii irraa dhalate, hundinuu garuu Waqaqayyo biraa dhufan.

\*7 *Uma* 1:26-27

\*8-9 *1Xim* 2:13; *Uma* 2:18-23

\*10 *Uma* 6:2; 24:65

13 Dubartiin utuu mataa ishee hin haguuggatin waldaa keessatti Waqaqayyoon kadhachuun qajeelaa dhaa ree? Isinumti ofii keessanii faradaa! <sup>14</sup> Dhiirri rifeensa mataa isaa dheereffachuun isaaif salphina akka ta'e, akki namni itti uumame isin hin barsiisuu ree? <sup>15</sup> Garuu dubartiin rifeensa dheeraa yoo qabaatte, kun isheedhaaf ulfina mitii ree? Rifeensi ishees akka isheen ittiin gol-gattuuf kennameef. <sup>16</sup> Nama yaada ka-naan mormuu barbaaduuf garuu, nuyi, waldoonni Waqaqayyoos amala kan bira hin qabnu\*.

\*16 *1Xim* 6:3-5

### Akka Itti Walitti Qabamuun Ta'u

17 Yeroo sagadaaf walitti qabamta-nitti, akka itti walitti qabamuun keessa-nii wayyeessuu irra caalaa kan ballees-su waan ta'eef, waa'ee isatiif isa ani dubbachuu jiru keessatti isin hin jaja-dhu. <sup>18</sup> Hundumaa dura waldaan kees-san yommuu walitti qabamu, yaadaan gargar ba'uun isin keessa akka jiru dhaga'eera; kana keessaa kaan dhugaa akka ta'ee nan amana\*. <sup>19</sup> Isin keessaa warri qoramaii fudhataman akka bee-kamaniif, isin gidduutti barsiisa isaa-niitiin gargar ba'uun jiraachuu tu ta'a\*. <sup>20</sup> Egaa akka isin itti walitti qabamtan kanatti walitti qabamuun, irbaataa goof-taa isa qulqulluu nyaachuu hiru ta'u\*. <sup>21</sup> Yeroo nyataatti hundinuu adduma addaan nyaataa fidee dhufee nya-a-chuutti in ka'a, inni tokko in beela'a, inni kaan immoo in machaa'a. <sup>22</sup> Maa-li? Mana itti nyaattanii dhugdan hin qabdani ree? Yookiis waldaa Waqaqayyo tuffachuu keessanii? Warra homaa hin qabnes yeellaasisuu keessanii? Ani maal isiniin jedhu ree? Isin jajadhuu ree? Ani kana irratti isin hin jajadhu\*.

- \*18 1:10-12; 3:3-4
- \*19 *Mat* 18:7; *1Yoh* 2:19
- \*22 *Yaq* 2:5-6

### Dhaabbiit Irbaata Gooftaa Yaadachiisuu Isa

(*Mat* 26:26-29; *Mar* 14:22-25; *Luq* 22:14-20)

23 Barsiifni ani isinitti dabarse, isu-ma ani gooftaa biraa fudhadhe ture. Innis, Yesus gooftaan halkanuma itti dabarfamee kennnamee sanatti buddeena fuudhee, <sup>24</sup> Waqaqayyoon galateeffatee, buddeenicha cabsee, "Inni isiniif cabe kun dhagna koo ti, kanas seenaa kootiif godhadhaa!" jedhe. <sup>25</sup> Erga nyaatanii booddees akkuma sanatti xooficha fu-dhatee, "Xoofoon kun kakuu isa ha-a-raa, dhiiga kootiin dhaabatuu dha; ye-roodhuma isa keessaa dhugdanitti see-naa kootiif godhadhaa!" jedhe\*. <sup>26</sup> Yeroodhuma buddeena kana nyaat-ti, yeroodhuma xoofoo kana keessaa dhugdanitti, hamma gooftaan deebei'ee dhufutti akka inni [namootaaf] du'e in labsitu.

\*25 *Bau* 24:8; *Er* 31:31-34; *Bau* 24:6-8

### Utuu Gargar Hin Baasin Irbaata Gooftaatti Dhi'aachuu Maal Akka Fidu

27 Kanaafis sababii maaliitiif akka dhi'aatu utuu gargar hin baasin namni buddeenicha nyaatu, xoofoo gooftaa keessaa dhugu, dhagna gooftaa dhiiga isas in yakka. <sup>28</sup> Egaa, namni qoree of haa ilaalu! Ergasiis buddeenicha irraa haa nyaatu, xooficha keessaa haa dhugu\*. <sup>29</sup> Dhagna gooftaa ta'u isaa ya-adatee utuu gargar hin baasin namni buddeenicha nyaatu, xooficha keessaa dhugu, firdii of irratti fiduudhaaf in nyaata in dhugas\*. <sup>30</sup> Sababii kanaaf baay'een keessan dhukkubsato dha, dadhaboo dhas; namoonni kaanis du'a-niiru. <sup>31</sup> Utuu of irratti arginee nuyi of irratti murreerra ta'ee, Waqaqayyo nutti hin faradu ture. <sup>32</sup> Yeroo amma nutti faradamu immoo, firdiin bara baraa biyya lafaa wajjin akka nutti hin fara-damnetti, gooftichi akkasitti adabee nu qajeelcha\*.

\*28 *Mat* 26:22; *2Qor* 13:5

\*29 10:16-17

\*32 *Ibr* 12:5-6; *1Phe* 4:17

33 Kanaafis yaa obboloota ko! Ir-baata gooftaa isa qulqulluu nyaachuu-dhaaf yommuu walitti qabamtan wal eegaa. <sup>34</sup> Walitti qabamuun keessan firdii Waqaqayyo akka isin irratti hin fidneef, namni beela'e mana isaatti haa nyaatu! Waa'ee dhimma isa kan biraa immoo yommuun dhufu nan seerradha\*.

\*34 16:5

### Hafuurri Qulqulluun Kennaa Garaa Garaa Kennuu Isa

**12** <sup>1</sup> Yaa obboloota ko! Waa'ee kennaa garaa garaa hafuurri qulqulluun kennuu, akka hubattan nan jaarbaada\*. <sup>2</sup> Isin amma illee saba Waqaqayyo utuu hin ta'in dura, karaa irraa caachifamtanii gara waqaqayyolii tolfa-nan warra duudaatti, akka oofamaa urtan in beektu\*. <sup>3</sup> Akkasumas namni iafuura Waqaqayyootiin geggeeffamu, 'Yesus abaaramaa dha" jechuu, namni okko illees hafuura qulqullutiin yoo a'e malee, "Yesus gooftaa dha" jehuu, akka hin dandeenyee cimsee isittant beeksisa\*.

\*1 14:1

\*2 *Abn* 2:18-19

\*3 *Mar* 9:39; *Yoh* 13:13; *1Yoh* 4:2-3

4 Kennaa hafuuraa gosa garaa ga-aatu jira, hafuuri chi garuu tokkicha-ua\*. <sup>5</sup> Ergaa garaa garaatu jira, goof-ian ergamaniif garuu tokkichuma\*. Hojii garaa garaatu jira, Waqaqayyo ini hojii hundumaa adduma addaan aada namaa keessa kaa'u garuu tok-icha\*. <sup>7</sup> Karaan kennaa hafuuraa ad-uma addaan nama keessa mul'atu, undumaaf bu'a akka ta'uuf kennaa-\*. <sup>8</sup> Isa tokkoof ogummaadhaan dub-achuutu hafuuraan kennameef, isa aaniif immoo beekumsa barsiisutu afuuruma sanaan kennameef\*; <sup>9</sup> isa aaniif amantiitu hafuurma sanaan ennameef, isa kaaniif immoo kennaa arra dhukkubsatan fayyisutu hafuu-tokkicha sanaan kennameef; <sup>10</sup> isa aaniif dinqii hojjechuutu, isa kaaniif ajiif dubbachuu, isa kaaniif hafuu-ta gargar baasee beekuu, isa kaai-if afaan hin beekamneen dubbachuu-, isa kaaniif afaan hin beekamneen sana ikuutu kennameef\*! <sup>11</sup> Hafuurri in-umti tokkichi sun hojii kana hundu-aa hojjetamuudhaan in ga'a; inni

akka jaalala isaatti tokkon tokkon na-maaf kennaa addaa in hira\*.

\*4 12:11; *Rom* 12:6-8; *Efe* 4:4

\*5 8:6; *Efe* 4:11

\*6 *Efe* 4:6

\*7 14:26; *Efe* 4:12

\*8 13:2

\*10 13:1-2; 14:1,5,24,29; *HoE* 2:4;

*1Yoh* 4:1

\*11 *Rom* 12:3; *Efe* 4:7

### Fakkeenya Dhagna Tokkicha Bu'aa Dhagnaa Baay'ee Qabuu

12 Kristos akka dhagna tokkicha isa bu'aa dhagnaa baay'ee qabuu ti; bu'aa dhagnaa sun yoo baay'atan iyyuu dhagnuma tokkicha\*. <sup>13</sup> Nuyi Yi-hudooni, warri Yihudoota hin ta'inis, warri garbummaa jala jiran, warri bir-maduunis hundumti keenya dhagna tokko ta'uudhaaf hafuura tokkoon cuu-phamneerra, nuyi hundumti keenya akka dhugnuufis hafurri qulqulluun inni tokkichi nuuf kennameera\*.

\*12 10:17; *Rom* 12:4-5

\*13 *Gal* 3:28

14 Dhagni tokko immoo bu'aa dhagnaa baay'ee qaba malee, tokkicha duwwaa qaba miti. <sup>15</sup> Fakkeenyaaf miill-i, "Ani harka miti, kanaaf ani kan dhagnaa miti" yoo jedhe, kun bu'aa dhagnaa tokko ta'u isaa hin oolchu.

<sup>16</sup> Gurris, "Ani ija miti, kanaaf ani kan dhagnaa miti" yoo jedhe, kun bu'aa dhagnaa tokko ta'u isaa hin oolchu.

<sup>17</sup> Ega guutummaan dhagnaa ija utuu ta'ee, attamitti dhaga'uu danda'a ree? Guutummaan dhagnaa gurra utuu ta'ee, attamitti fuufachuu danda'a ree?

<sup>18</sup> Waqaqayyo garuu bu'aaa dhagnaa hundumaa adduma addaa akka ofii baabadietti iddo iddo isaatti qopheesse\*.

<sup>19</sup> Bu'aan dhagnaa hundumtuu, bu'aan dhagnaa tokkicha isa waan tokkicha duwwaa hoijetu yoo ta'e, attamitti dhagna guutuu ta'a ree? <sup>20</sup> Kanaaf akka amma jirutti, bu'aan dhagnaa baay'ee dha, dhagni garuu tokkicha.

\*18 15:38

21 Iji harkaan, "Ati anaaf hin bar-baabachiftu" yookiis mataan miillan isaatti "Isin anaaf hin barbaachiftan" jechuu hin danda'u. <sup>22</sup> Caalaatti iyyuu bu'aan dhagnaa hundumaa keessaa warra barbaachisoo hin fakkaannetu barbaachisoo dha. <sup>23</sup> Bu'aan dhagnaa warra tuffatamoo nutti fakkaatanifis

caalaatti ulfina in laannaaf; bu'aan dhagna keenyaa warri hin argisiifamne eegumsa caalaa in argatu,<sup>24</sup> warra argisiifamanii garuu eegumsi akkasii hin barbaachifne. Waaqayyo bu'aan dhagna namaa inni tuffatamaan ulfina caalaa akka argatutti walitti uume. <sup>25</sup> Inni uumes gargar ba'uun bu'aan dhagna gidduutti utuu hin argamin, qixxeetti walii isaaniitiif akka yaadaniif kana godhe. <sup>26</sup> Bu'aa dhagna kana keessaa inni tokko yoo dhiphate, hundinuu isaa wajjin in dhiphatu; inni tokko yoo ulfaate, hundinuu isaa wajjin in gammadu\*.

\*26 Rom. 12:15

27 Ammas hundumti keessan dhagna Kristos, adduma addaanis bu'aa dhagna isaatii ti\*. <sup>28</sup> Waaqayyos waldaa kristiyaanaa keessatti duraan durseee ergamoota, lammaffaa warra waan inni itti mul'ise dubbatan, sadaffaa warra dubbii isaa barsiisan, kana booddees warra dinqii hoijetan, isaanitti aansees warra dhukkubsatoota fayyiisuudhaaf kennaa qaban, warra namoota gargaaran, warra hojii geggeessan, warra afaan hin beekamneen dubbatan kaaseera\*. <sup>29</sup> Hundumatu ergamootaa ree? Hundumatu mul'ata Waaqayyoo dubbataa ree? Hundumatu dubbii isaa barsiisaa ree? Hundumatu dinqii hoijetaa ree? <sup>30</sup> Hundumatu kennaa dhukkubsatoota fayyiisu qabaa ree? Hundumatu afaan hin beekamneen dubbataa ree? Hundumatu isaa dubbatame hiikaa ree?

<sup>31</sup> Isin garuu kennaa warra caalan argachuudhaaf dhama'aa! Ani immoo isaan kana hundumaa irra isaa caalu iyyuu isinittan argisiisa\*.

\*27 Rom. 12:5; Efe 5:30

\*28 12:8-10; Efe 4:11-12

\*31 14:1

### Jaalalli Hundumaa Irra Akka Caalu Argisiisuu Isaa

**13** <sup>1</sup>Afaan namoonni yookiis afaan ergamooni Waaqayyoo dubbatanin dubbadhe, jaalala yoon qabaachuu dhaabaadhe, ani akka sibiila kililchuu yookiis dibbee kosh kosh jedhuun ta'e\*. <sup>2</sup>Raajii dubbachuudhaaf kennaa qabaadhee, dhoksa jiru hundumaa beekee, beekumsa hundumaa qabaadhee,

gaara iddoa isati hamman bututti amantii guutuu qabaadhee, jaalala yoon qabaachuu dhaabaadhe garuu, ani homaa miti\*. <sup>3</sup>Wantan qabu hundumaa warra dhabaniif hiree, ittiin of jajuudhaafis' dhagna koo iyyuu dabarsee kennee, jaalala yoon qabaachuu dhaabaadhe garuu, homaa waa'ee anaaf hin baasu\*.

\*1 14:6-9

\*2 12:8-9; Mat 7:22; 17:20; 21:21;

Mar 11:23

\*3 Mat 6:2

4 Jaalalli danda'aa dha, gaarummaas in argisiisa; jaalalli hin hinaafu, of hin jaju, of hin bokoksus\*; <sup>5</sup>jaalalli lafa salphinaa hin ijaajju, waan isatti tolu duwwaas hin barbaadu, hin dallanu, waan hamaas nama irratti hin lakkau\*<sup>6</sup>. Jaalalli qajeelina dhugaatti gammada malee, jal'inatti hin gammaadu\*. <sup>7</sup>Jaalalli karaa tokko illee nama hin lafafu, hunduma isaa in amana, hunduma isaa abdata, hunduma isaa obsa\*.

\*4 Yaq 3:17

\*5 10:24; Rom 15:1-2; Filip 2:4,21

\*6 Rom 12:9

\*7 Fak 10:12; Rom 15:1

8 Jaalalli yoom iyyuu hin badu; kennaa raajii dubbachuu yoo ta'e, hafuuuf jira; afaan hin beekamneen dubbachuu yoo ta'e, dhaabachuuf jira, beekumsas yoo ta'e, hafuuuf jira. <sup>9</sup>Wanti nuyi beeknu muraasa, wanti raajii dubbannus muraasa; <sup>10</sup>raawwataamuun isaa yeroo ga'u immoo, inni muraasi kun in hafa.

11 Mucummaa kootti akka mucaatti nan dubbadhe, akka mucaatti nan yaade, akka mucaattis sababii nan kennan ture; amma garuu ergan nama ga'aa ta'ee, akka mucaatti jiraachuu dhiiseera. <sup>12</sup>Nuyi amma akka nama of-ilaalee keessatti waa argee abaluu isaa hin hubatin hafeetti in argina; yommus garuu fuula fuulaan in argina, wanti ani amma beeku muraasa, yommus garuuakkuman ofii beekame, anis guutuutti beekuuuf jira\*. <sup>13</sup>Egaa amantii, abdiin, jaalalli isaan kun sadan hafanii in jiraatu; isaan keessaa garuu jaalalatu caala\*.

\*12 8:3; Lak 12:7; 2Qor 3:18; 5:7; 1Yoh 3:2

\*13 Qol 3:14; 1Tas 1:3; Ibr 10:22-24;

1Yoh 4:16

<sup>1</sup>Qor 13:3 "Ittiin of jajuudhaaf dhagna koo iyyuu dabarse" kaan, "Dhagna koo ibiddatti jedhu."

### Waa'ee Kennaa Hafuura Qulqulluu Biraa Argamuu, Itti Dabaluu Isaa

**14** <sup>1</sup>Egaa jaalala bira ga'uudhaaf dhimmaa! Kennaa garaa garaa warra hafuurri qulqulluun kennu akka argattaniif, caalaatti immoo waan Waaqayyo isinitti mul'isu akka himtaniif dhama'aa!\* <sup>2</sup>Namni tokko afaan hin beekamneen yommuu dubbatu, namni isa hubatu waan hin jirreef Waaqayyotti dubbata malee, namootatti hin dubbatu; garuu hafuuraan geggeeffamee, waan dhoksaabaa'yee of keessaa qabu in dubbata. <sup>3</sup>Namni waan Waaqayyo isatti mul'ise himu immoo, cimsuudhaaf, gorsuudhaaf, jajjabeessuudhaaf namootatti dubbata. <sup>4</sup>Namni afaan hin beekamneen dubbatu, ofii isaa in cimsa; inni waan Waaqayyo isatti mul'ise himu immoo, waldaa kristiyaanaa in cimsa.

\*1 12:1,8-10,31

5 Ammas isin hundumti keessan afaan hin beekamneen akka dubbattan, caalaatti immoo waan Waaqayyo isinitti mul'ise akka himtan nan jaallalha. Waan afaan hin beekamneen dubbatame sana, akka waldaan kristiyaanaa ittiin cimina argattuu namni tokko roo hiike malee, inni waan Waaqayyo tti mul'ise himu, isa afaan hin beekamneen dubbatu sana caalaa waa'ee n baasa\*. <sup>6</sup>Yaa obboloota ko, ani nul'ata tokko yookiis beekumsa yooiis raajii yookiis barsiisa tokko utuun in dubbatin, afaan hin beekamneen duvvaadhaan dubbachaa gara keessan oon dhufe, attamittan isiniif waa'ee aasa ree\*? <sup>7</sup>Ullee yookiis kiraara, ii'a lubbuu hin qabne irratti iyyuu ooqni afuufame yookiis rukutame sun oo gargar ba'uun dhaabaate, maaliif kka ta'e attamitti beekama ree? <sup>8</sup>Saleen fiinge gargar ba'ee yoo dha'aamuun dhaabaates, cenyutu lolaaophaa'a ree? <sup>9</sup>Isinis akkasuma, arraba eessaniin waan hin hubatamne yoo abbattan, namni attamitti waan isinttan beekuu danda'aa ree? Isin akka aan qilleensatti dubbatanii ti. <sup>10</sup>Biyya lafaa keessa afaan garaa garaa iay'een akka jiran beekamaa dha, iuuu isaan keessaa sagalee hiikaa hin ibne hin jiru. <sup>11</sup>Sagaleen sun maalchuu akka ta'e hin beeku yoon ta'e iuuu, namicha afaan sana dubbatu

biratti orma ta'u koo ti; inni dubbatu sunis ana biratti orma ta'u isaa ti.

<sup>12</sup> Isinis kennaa hafuuraa argachuudhaaf erga dhimmitanii, caalaatti waan waldaa kristiyaanaa cimsuun hoijecthuudhaaf dhama'aa!

\*5 12:10; 13:2; Lak 11:29

\*6 12:8

13 Kanaafis namni afaan hin beekamneen dubbatu, isa dubbate sana hiikuu akka danda'uuf kadhachuutu isa irra jira. <sup>14</sup>Ani afaan hin beekamneen yoon kadhadhe, hafuurri koo in kadhata, qalbiin koo garuu isa duukaa hin kadhatus. <sup>15</sup>Egaa maal wayya ree? Ani hafuuraan nan kadhadha, qalbii kootiinis immoo nan kadhadha; hafuuraan nan faarfadha, qalbii kootiinis immoo nan faarfadha\*. <sup>16</sup>Kanaa achi yoo ati hafuuraan Waaqayyoon galateeffatte, waan ati jette erga hin beeknee, inni hiikaa dubbichaa hin hubanne attamitti galata ati dhi'eessite sanatti, "Ameen" jechuu danda'a ree\*? <sup>17</sup>Galanni ati dhi'eessite hammam gaarii yoo ta'e iyyuu, namicha isa kaan cimsuudhaaf hin gargarre. <sup>18</sup>Ani hunduma keessan caalaatti afaan hin beekamneen waanan dubbadhuuf, Waaqayyoon nan galateeffadha. <sup>19</sup>Haa ta'u iyyuu malee, waldaa kristiyaanaa keessatti afaan hin beekamneen sagalee kuma kudhan dubbachuu irra, warra kaan barsiisuu-dhaaf qalbii kootiin sagalee hiikaa qabu shan duwwaa dubbachuu nan jaalladha.

\*15 Efe 5:19; Yaq 5:13

\*16 1Sen 16:36; Nah 8:6

20 Obboloota nana! Yaada keessanitii warra ga'an ta'aa malee, mucoolii hin ta'inaa! Hamaa hoijechuutti garuu akka daa'imootaa ta'aa\*. <sup>21</sup>Seera keessatti, "Namoota afaan isaanii hin beekamneen, hidhii warra kaaniitiinis saba kanatti nan dubbadha; isaan garuu kana irratti iyyuu ana hin dhaggeeffatan' jedha gootchi" kan jedhu caafameera\*. <sup>22</sup>Egaa afaan hin beekamneen dubbachuu milikkita warra hin amaniniif kennamee dha malee, warra amaniniif kan kennamee miti; waan Waaqayyo namatti mul'ise himuun garuu, warra amaniniif yaadame malee, warra hin amaniniif miti. <sup>23</sup>Waldaan guutuun walitti qabamee, amantooni hundinuu afaan hin beekamneen yoo dubbatu,

namoonni hiikaa dubbichaa hin beekne yookiis warri hin amanin yoo ol galan hundumti keessan maraatota hin jedhanii ree? <sup>24</sup> Garuu hundinuu waan Waaqayyo isaanitti mul'ise utuu himuutti jiranii, namni hin amanin yookiis namni dubbi-cha keessa hin beekne yoo ol gale, wanti dubbatamu hundinuu garaa isaa rukutee, itti in farada\*. <sup>25</sup> Dhoksaan garaa isaa keessa jirus bakkeetti in ba'a; namichis achumaan adda isaatii lafa dha'ee, Waaqayyoof in sagada, Waaqayyo dhuguma isin gidduu akka jirus in hima\*.

\*20 Mat 10:16; Rom 16:19; Efe 4:14

\*21 Isa 28:11-12

\*23 HoE 2:12-13

\*24 Yoh 16:8; Ibr 4:12

\*25 Isa 45:14; 60:14

### Seera Waldaa Keessaa

26 Egaa'oo yaa obboloota ko, yeroo walitti qabamtanitti isin keessaa tokko faarfannaa, tokko barsiisa, tokko mul'ata qaba; inni tokko waan afaan hin beekamneen dubbatu, inni kanis hiikaa waan dubbatame sanaa qaba. Wanti isaan qaban kun hundinuu waldaa kristiyaanaa cimsuudhaaf haa ta'an!\* <sup>27</sup> Namni afaan hin beekamneen dubbatu yoo jiraate, lama yoo baay'ates sadii duwwaan tarreedhaan haa dubbatan; namni tokko immoo isaa dubbatame hiikuun irra jira. <sup>28</sup> Namni hiiku yoo jiraachuu dhaabaate garuu, inni afaan hin beekamneen dubbatu sun, ofitti, Waaqayyottis haa dubbatu malee, waldaa keessatti hin dubbatin\*. <sup>29</sup> Warri waan Waaqayyo isaanitti mul'ise himan immoo lama yookiis sadii ta'anii haa dubbatan, warri kaan immoo waan dubbatame sana duukaa bu'anii haa qoran\*. <sup>30</sup> Warra achi taa'an keessaa tokkoof mul'anni yoo kennameef garuu, inni duraan dubba-chaah ture haa dhaabu!. <sup>31</sup> Hundumtuu akka baranif, hundumtuus akka gorfamaniif hundumti keessan waan Waaqayyo isinitti mul'ise darabeedhaan himuu in dandeessu. <sup>32</sup> Warri waan Waaqayyo isaanitti mul'ise himan kuni, hafuurota ittiin dubbatan sana amaleeffachuu isaanifi kennameera.

<sup>33</sup> Waaqayyo ofii isaatii Waaqayyo naga ti malee, Waaqayyo sabirii hin qabnee miti\*.

\*26 12:8-10; Efe 4:12

\*28 14:2-4

\*29 12:10; HoE 17:11; ITas 5:21

\*33 14:40; Rom 15:33; 16:20

Akkuma waldoota warra Waaqayyoof qulqullaan hundumaa keessatti ta'u, <sup>34</sup> dubartooni walga'ii waldoota kristiyaanaa keessatti hin dubbatin\*. Dubbachuu isaanifi hin ta'u; akkuma seerri jedhutti haa abboomaman\*. <sup>35</sup> Wanti isaan baruu barbaadan yoo jiraate garuu, manatti abbaa manaa isaanifi haa gaafatan, dubartiin walga'ii waldaa kristiyaanaa keessatti dubbachuu isheedhaaf yeelloo dha. <sup>36</sup> Attam inni? Dubbiin Waaqayyoo isin biraabae'moo? Yookiis isinuma duwwaa bira ga'ee ree?

\*34 11:16; Uma 3:16; Efe 5:22;

IXim 2:11-12

37 Namni tokko, nama waan Waaqayyo isatti mul'ise himu yookiis nama kenna hafuuraa argate yoo of se'e, wanti ani isinii caafu kun abboommii isaa kan gootichaa ta'u isaa haa bee-ku! <sup>38</sup> Namni yoo kana beekee fudhachuu dhaabaate garuu, innis ofii isaatii hin beekamu.

\*37 10:15; 1Yoh 4:6

39 Egaa yaa obboloota ko, waan Waaqayyo isinitti mul'ise himuudhaaf dhama'aa! Afaan hin beekamneen dubbachuu hin dhowwinaa! <sup>40</sup> Wanti hundinuu garuu akka tolitti, sabiriidhaanis hojetamatuut irra jira\*.

\*40 Qol 2:5

### Du'aa Ka'uu Kristos

**15** <sup>1</sup> Ammas yaa obboloota ko! Wangeela isa ani isinitti lallabe, isa isin fudhatten, isa isin itti cimantanii dhaabattanii jirtan isin nan barsiisa\*. <sup>2</sup> Sababii amantaniif utuu hin beekin fudhatten yoo ta'e malee, akkuma ani isinitti lallabetti yoo eeggattan wangeelichumaan in fayitu.

\*1 Gal 1:11

3 Hundumaa irra caalaa waanan ofii kootii fudhadhe isinitti dabarsee kenneera; innis caaffanni qulqulla'oonaan akka jedhanitti, Kristos cubuu keenyaaf du'eera\*; <sup>4</sup> inni awwa-lameera, caaffanni qulqulla'oonaan akka jedhanitti guyyaa sadaffaatis du'aa

kaafameera\*. <sup>5</sup> Inni Phexrositti mul'ate, ergasii bartoota kudha lamaan keessaa warra hafanitti mul'ate\*. <sup>6</sup> Kana booddee immoo ergaan-takkaa obboloota dhibba shan caalanitti mul'ate; isaan keessaa kaan illee botaniiru garri caalan garuu amma iyyuu jiru. <sup>7</sup> Erga Yaaqoobitti mul'atee booddee immoo, warra ergamoota jedhaman hundumaatti mul'ate\*.

<sup>8</sup> Hundumaa booddee ana isa akka nama iddo haa ga'in dhalateetti immoo mul'aterra\*. <sup>9</sup> Anoo ergamoota hundumaa irra xinnaa dha; waldaa Waaqayyoo waanan ari'adheefis, "Ergamaa" jedhamee waamamuudhaaf nama ta'u miti\*. <sup>10</sup> Amma garuu ayyaana Waaqayyootiin ani ergamoota ta'eera, ayyaanni inni anaaf kenes utuu dhimma hin baasin hin hafne. Ani hunduma isaanii caalaa itti dadhabee hojjedheera; ana utuu hin ta'in, ayyaana Waaqayyoo isaa anaa wajjin jirutu itti dadhabee\*. <sup>11</sup> Egaa anis isaanis akkasitti in lallabna, isinis akkasitti amantanii jirtu\*.

\*3 Isa 53:3-12; Yoh 1:29; Rom 4:25;

1Phe 2:24

\*4 Far 16:8-10; Hos 6:2; Mat 12:40; HoE 2:24-32

\*5 Mat 28:16-17; Mar 16:14; Luq 24:34,36; Yoh 20:19

\*7 Luq 24:50

\*8 9:1; HoE 9:3-9

\*9 HoE 8:1-3; 9:1-3; 26:9-11; Gal 1:13; Efe 3:8; IXim 1:13

\*10 2Qor 11:5,23; IXim 1:14

\*11 3:5

### Du'aa Ka'uu Namootaa

12 Kristos warra du'an keessaa kaafamuun isaa erga lallabamee, attamitti isin keessaa kaan, "Warri du'an ka'uun hin jiru" jechuu danda'u ree\*? <sup>13</sup> Warri du'an ka'uun hin jiru erga ta'ee, Kristosis immoo du'aa hin kaafamne. <sup>14</sup> Kristos du'aa hin kaafamne erga ta'ee, lallabuun keenya dhimma niin baasu, amanachuu keessanis ihimma hin kutu. <sup>15</sup> Nuyis Waaqayyo, Kristos du'aa kaaseera jennee, Waaqayyoof dhugaa ba'uun keenyaan sobluu taanee argamuun keenya; warri lu'an hin kaafaman erga ta'ee, Waaqayyo Kristosis immoo du'aa hin kaafie jechuu dha\*. <sup>16</sup> Warri du'an hin kaafaman erga ta'ee, Kristosis immoo

du'aa hin kaafamne. <sup>17</sup> Kristos du'aa hin kaafamne erga ta'ee, amantiin keessan immoo waa'ee hin baasu, cubbuun keessan ammuma iyyuu isin irra jira. <sup>18</sup> Yoos immoo warri Kristositti amananii obbaafatan baduu isaanii ti\*. <sup>19</sup> Jirenya amma biyya lafaa kana irra jiraanuu duwwaadhaaf Kristosin abdanna erga ta'ee, namoota hundumaa caalaatti nuuf boo'uutu ta'a.

\*12 2Xim 2:17-18

\*15 HoE 1:22; 4:33; 5:32

\*18 ITas 4:14

20 Amma garuu Kristos warra du'an keessaa kaafameera, warra obbaafatan keessas isatu jalqaba ka'e\*. <sup>21</sup> Du'un karaa nama tokkoo akkuma dhufe, warri du'an ka'uunis karaa nama tokkoo dhufeera\*. <sup>22</sup> Harkisaa Adaaamiin namoonni hundinuu akka du'an akkasuma immoo harkisaa Kristosiin namoonni hundinuu in jiraachifamu. <sup>23</sup> Kun hundinuu akka tarree isaaaf qophaa'eetti in ta'a; Kristos jalqabatti ka'ee jiraataa akkuma ta'e, warri kan Kristos ta'anis yeroo inni deebi'ee dhufuti in jiraachifamu\*.

<sup>24</sup> Kristos immoo gootummaa hundumaa, aboo hundumaa, humna hundumaa golgoleessee, mootummicha deebisee Waaqayyo abbaatti erga kennee booddee dhumni in ta'a. <sup>25</sup> Waaqayyo diinota hundumaa miillan isaa jala hamma kaa'ufitti, Kristos mo'uutu ta'a\*. <sup>26</sup> Hundumaa booddee diina keenyaa du'atu golgoleeffama\*. <sup>27</sup> Caaffanni qulqulla'aan, "Waaqayyo wanta hundumaa miillan isaa jala galcheera" jedha; "Wanta hundumaa miillan isaa jala galcheera" yommuu jedhu, Waaqayyo inni waan hundumaa miilla Kristos jala galche immoo ofii isaatii miilla jala akka hin galin mul'ataa dha\*. <sup>28</sup> Wanti hundinuu ilma Waaqayyo jala yommuu galfamu, ilmi immoo ofii isaatii, Waaqayyo isaa waan hundumaa miilla isaa jala galche jala in gala; akkasitti Waaqayyo karaa hundumaa waan hundumaa irra in ta'a\*.

\*20 6:14; HoE 26:23; Qol 1:18

\*21 Uma 3:17-19; Rom 5:12,18,21

\*23 ITas 4:15-16; Mul 20:5

\*25 Far 110:1; Mat 22:44

\*26 Mul 20:14; 21:4

\*27 Far 8:6; Mat 28:18; Ibr 2:8

\*28 3:23; 11:3

29 Warri du'an hin kaafaman erga ta'ee immoo, namoonni warra du'aniif jedhanii cuuphaman maal gochuu isaanii ti ree? Maaliifis isaaniif jedhanii cuuphamu ree? <sup>30</sup> Maaliif yeroo hundamaa waan jirenya keenyaaf sodaachisu jala jiraanna ree? <sup>31</sup> Obboloota ko, ani guyyuma guyyaatti sodaa du'aa jalan jira; kanas karaa Kristos Yesus gooftaa keenyaa isiniin waanan of jajuuf, kakadhee isinittan hima\*. <sup>32</sup> Akka yaada namaatti yoon fudhadhe, Efesonitti akka nama bineensotaan loluuta'uun koo, bu'aa maalii anaaf qabat uree? Warri du'an hin kaafaman erga ta'ee, akkuma warra kaanii, "Bor waan duunuuf, kottaa in nyaannaa, in dhugnas!" in jenna\*. <sup>33</sup> Hin gowwoominaa! "Hiriyaa gadheen amala gaarrii in mancaasa". <sup>34</sup> Yaada keessan qajeelfadhaa! Cubbuutti qabamtanii hin jiraatinnaa! Isin keessaa kaan Waaqay-yoon wallaalaniru; kana immoo isin qaanessuufan isinittu dubbada\*.

\*30 Rom 8:36; Gal 5:11

\*31 2Qor 4:10-11

\*32 Isa 22:13; HoE 19:29-30

\*34 ITas 5:6-8

### Dhagna Ittiin Du'aa Ka'an

35 Namoonni tokko tokko, "Warri du'an attamitti kaafamu? Yommuu argaman dhagni isaanii maal fakkaata?" jedhanii in gaafatu ta'a. <sup>36</sup> Ati gowwaa nana! Wanti ati facaaftu sun ofii isaatii yoo du'e malee, biqilee jiraachuu hin danda'u\*. <sup>37</sup> Sanyiin qamadii yookiis midhaan kan biraa, inni ati facaaftu micree isaa duwwaa dha malee, dhagna biqiltuu isaa isa argamuuf jiru miti. <sup>38</sup> Waaqayyo garuu akka jaallatetti dhagna in kennaaf; tokkon tokkon isaa-tiif akka akaakuu sanyichaatti dhagna addaa in kennaaf\*. <sup>39</sup> Foon hundinuu akaakuu tokko miti; foon namootaa akaakuu tokko, foon horii kan biraa ti, foon simbirrootaan kan biraa ti, foon qurxummiis kan biraa ti. <sup>40</sup> Dhagni warra waqaq irraa jira, dhagni warra lafa irraas jira; ulfinni warra waqaq irraa tokko, ulfinni warra lafa irraa tokko\*. <sup>41</sup> Calaqqifni aduu kan biraa ti, calaqqifni ji'a kan biraa ti; calaqqifni urjootaa kan biraa ti; calaqqifni urjii tokko calaqqisa urjii isa kaaniittii gargar.

\*36 Yoh 12:24

\*38 12:18; Uma 1:11

\*40 Mat 22:30; HoE 12:7

42 Ka'uun warra du'aniis akkasuma ta'uuf jira; wanta badutu awwaalamma, wanta hin badnetu kaafama; <sup>43</sup> gad deebiidaan in awwaalamma, ulfinaan in kaafama; dadhabbiidaan in awwaalamma, humnaanis in kaafama\*. <sup>44</sup> Dhagna fooniituu awwaalamma, dhagna hafuuraatu kaafama; dhagni foonii erga jiraatee, dhagni hafuuraas immoo jira. <sup>45</sup> Caaf-fannii qulqulla'aan, "Addaam inni duraa foon lubbuu qabu ta'e; Addaam inni lammaffaan immoo hafuura jirenya kenuu ta'e" jedha\*. <sup>46</sup> Dhagna fooniituu dura bu'e malee, dhagna ha-fuuraati miti; kana booddce dhagna ha-fuuraatu argame. <sup>47</sup> Namichi inni duraa biyyoo irraa waan uumameef, nama biyya lafaa'ti; namichi inni lammaffaan immoo nama waqaq irraa ti\*. <sup>48</sup> Warri biyya lafaa akka namicha biyya lafaa sanaa ti; warri biyya waqaq akka namicha waqaq irraa sanaa ti. <sup>49</sup> Bifa namicha isa biyya lafaa akka fudhanne akkasuma immoo bifa namicha isa waqaq irraa fudhachuuf jirra\*.

\*43 Filp 3:20-21; Qol 3:4

\*45 Uma 2:7; 2Qor 3:17

\*47 Uma 3:19; Yoh 3:13,31

\*49 Uma 5:3; Rom 8:29

50 Obboloota ko, namni foonii fi dhiigaan mootummaa Waaqayyootti galuu yookiis wanti badu wanta hin badne keessaa hirmaachuu, akka hin dandeenyee isinittan hima\*. <sup>51</sup> Nuyi hundumti keenya in geddaramma malee, hin duunu; dhoksaan ani isinittu himuuf jedhes isa kana. <sup>52</sup> Małakanni inni dhumaayommuu afuufamu, battala liphsuu ijaatti in geddaramma; malakkani in afuufama, warri du'an immoo bifa hin badneen in kaafamu\*. <sup>53</sup> Wanti hin badne, iddo wanta badu kanaa, wanti hin duune iddo wanta du'u kanaa bu'uutu ta'a\*. <sup>54</sup> Wanti hin badne iddo wanta badu kanaa yommuu bu'u, wanti hin duunes iddo wanta du'u kanaa yommuu bu'u, inni,

"Duuni badduu ba'e, mo'ichi argameera"

<sup>55</sup> ammas immoo, "Mo'ichi kee meerree, yaa du'aa?

Arfiin kees meerree yaa du'aa?"

jedhamee caafame fiixaan ba'eera\*.

\*50 6:13; 1Yoh 1:13

\*51-52 ITas 4:15-17

\*52 Mat 24:31

\*53 2Qor 5:4

\*54 Isa 25:8

\*55 Hos 13:14

56 Arfiin du'atti nama oofu cubbuu dha; cubbuu kan humna godhachiisus seera\*. <sup>57</sup> Waaqayyo isa karaa gooftaa keenya Yesus Kristos mo'icha nuuf kennuuf immoo galanni haa ta'u\*.

<sup>58</sup> Jaallatamoo obboloota ko, egaa utuu hin socho'in jabaadhaati dhaabadhaa! Itti dadhabuun keessan gooftaa biratti akkasumaan akka hin ta'in beektanii, yeroo hundumaa hojji gooftaa caalchisaa hojjedhaa\*!

\*56 Rom 5:12-13,20; 7:7-11,13

\*57 2Qor 2:14; 1Yoh 5:4

\*58 16:13; 2Sen 15:7

### Horii Gargaarsa Amantoota Qulqullootaaf Bu'u

16 <sup>1</sup> Waa'ee horii gargaarsa warra amananii Waaqayyoof qulqulla'aan sanaaf bu'u immoo, isinis akkuma ani waldoota kristiyaanaa kutaa biyya Galaatiyaa abboome godhaa\*! <sup>2</sup> Erga ani dhufee horii walitti buusuu akka hin barbaachifnetti, Sanbata gud-daa, torbeedhuma tokkon tokkon keessan hamma wal qixxaateef buusee walitti haa qabu\*. <sup>3</sup> Yeroon dhufus, namoota isin nuuf haa dhaqan jettaniif caaffata ittiin beekaman kenneefii, buusii keessan gara Yerusaalemitti akka geessaniif isaanan erga\*. <sup>4</sup> Ani dha-quun koo barbaachisaa yoo fakkaate immoo, isaan anaa wajjin in dhaqu.

\*1 HoE 11:29; Rom 15:25-26; 2Qor 8:9; Gal 2:10

\*2 HoE 20:7; Mul 1:10

\*3 2Qor 8:16,19

### Waldaa Sana Ilaaluudhaaf Yaada Qopheessuu Isaa

5 Ani karaa Maqedooniyya dhaquu vaanan yaadeef, biyya Maqedooniyya ana keessaa ergan darbee booddee gara eessan nan dhufa\*. <sup>6</sup> Isin biras nan iran ta'a; isin immoo gargaartanii idoodhuma ani dhaqutti akka na ergatiiif, tarrii ganna guutuu iyyuu isin bira an ba'a\*. <sup>7</sup> Ani miilana argaa karaa raa isin arguu hin barbaanne; yoo

gooftaan jedhe takka isin bira akkan turu nan abdadha\*. <sup>8</sup> Hamma guyyaa Phenxe-qosteetti garuu mandara Efesoos keessa nan tura\*. <sup>9</sup> Warri ittiin mormaan baay'een yoo jiraatan iyyuu, hojji gudaadhaa fi hojji waa'ee baasu hojjechuudhaaf karaan anaaf banameera\*.

\*5 HoE 19:21; 2Qor 1:16

\*6 HoE 20:3

\*7 4:19; HoE 20:2

\*8 Lew 23:15-21; Kes 16:9-11; HoE 19:1,8-10

\*9 HoE 14:27; 2Qor 2:12; Qol 4:3

10 Ximotewos yeroo dhufu, innis akkuma koo hojji gooftaa waan hojjetuuf, akka inni of irraa bu'ee isin bira buufatu godhaa\*. <sup>11</sup> Namni tokko illee isa hin tuffatin! Ani obbolootaa wajjin isa eegaa waanan jiruuf, nagaadhaan na bira akka dhufuuf isa gargaaraa\*. <sup>12</sup> Waa'ee obboleessa keenya Apholos immoo, inni obboloota warra kaanii wajjin dhufee akka isin ilaaluuf, ani deddeebisee isa gorsaan ture; inni garuu amma gara keessan dhufuun rawwatee jaalala isaa hin taane; yeroo isaaaf wayyutti garuu dhufuuf jira\*.

\*10 4:17; Filp 2:19-22

\*11 1Xim 4:12

\*12 1:12; 3:5-6

### Ittiin Gala

13 Dammaqa, amantiitti cimaatiidhaabdhaha! Ija-jabeeyyiidhaa fi jajjaboo ta'a\*! <sup>14</sup> Waan hojjetan hundumaa jaalalaan raawwadhaa\*. <sup>15</sup> Ammas obboloota ko, maatiin Isxifaanaas, Akaayyaa keessaa amantoota warra jalqabaa akka ta'an in beektu; isaan warra Waaqayyoof qulqulla'aanif hojjechuudhaaf of kennanii turan\*. <sup>16</sup> Namoota akkasiitiif, hojjiiti hidhata isanii isa ta'eef, isa itti dadhabe hundumaaif addumaad daadha, ulfina isanii ta'u akka kennitanii isinan kadhada. <sup>17</sup> Isin qaqqabuu dadhabnaan Isxifaanaas, Fortunaaxos, Akaayyosis iddo keessan waan dhufaniif ani gammadeera. <sup>18</sup> Akkuma garaa isin ciibsan, garaa na ciibsaniiru; hojji warra akkasii immoo galateeffatanii beeksi-suun in ta'a\*.

\*13 15:34,58; Mat 25:13; HoE 20:31; Efe 6:10

\*14 Qol 3:14

\*15 1:16; Rom 16:5

\*18 2Qor 7:13; Filp 2:29; ITas 5:12-13

19 Waldoonni kristiyaanaa Asiyaa, nagaan isiniif dhaamu; Aqilaani fi Phriskaan waldaa mana isaaniitti waliitti qabamu sanaa wajjin, karaa gooftaa garaa guutuudhaan nagaan isiniif ergu\*. 20 Obboonni as jiran hundinuu nagaan isiniif dhaamu; yaada qulqlaa'atiin wal dhungachuudhaan nagaan wal gaafadhaa\*!

\*19 Mul 1:4,11; HoE 18:2,18,26; Rom 16:3,5  
\*20 Rom 16:16; 2Qor 13:12

21 Nagaa kana ana Phaawulostu haraka kootiin isiniif caafa\*. 22 Eenyu illee gooftaa yoo jaallachuu dhaabaate abaramaa dha; "Maaraanaataa!" Hiikuun isaaas, "Gooftaa keenya kottu!" jechuu dha\*. 23 Ayyaanni gooftaa Yesus isiniif wajjin haatuu\*. 24 Jaalalli koo karaa Kristos Yesus hunduma keessanii wajjin haatuu!

\*21 Gal 6:11; Qol 4:18; 2Tas 3:17  
\*22 Gal 1:8-9; Mul 22:20  
\*23 Rom 16:24

## Ergaa Phaawulos Gara Warra Qorontositti Erge Isa Lammaffaa

### Nagaa

1 Ani Phaawulos fedha Waaqayyo yootiin ergamaa Kristos Yesus kanaan ta'e, Ximotewos obboleessaa wajjin, gara waldaa Waaqayyo isa mandara Qorontos jiruuf, gara warra guutummaa kutaa biyya Akaayaa keessaa Waaqayyoof qulqullaan hundumaatti kana caafuu koo ti\*.

2 Waaqayyo abbaan keenya gooftaan keenya Yesus Kristosis ayyaana, nagaas isiniif haakennu!

\*1 HoE 18:1; 1Qor 1:1; 16:10; Filp 1:1

\*2 Rom 1:7; 1Qor 1:3; Gal 1:3

### Waaqayyoof Galata Dhi'eessuu Isaa

3 Waaqayyoof, abbaa gooftaa keenya Yesus Kristos, abbaa araara hundumaaf, Waaqayyo jajjabina hundumaaf galanni haatuu\*. 4 Jajjabina isa Waaqayyo biraa arganne sanaan, nuyi immoo rakkina attamii keessatti iyyuu warra kaan akka jajjabeessiuuf, inni rakkina keenya hunduma keessatti nu in jajjabeessa\*. 5 Dhiphina Kristos keessaa hammana kan hin jedhamne akkuma hirmaanne akkasuma karaa Kristos jajjabina isaa keessaa hammana kan hin jedhamne in hirmaanna\*. 6 Rakkina keenya yoo ta'e, jajjabina keessaniif, oolfamuu keessaniif ta'a; jajjabina keenyas yoo ta'e, isiniifis

immoo jajjabina; jajjabina kanaan sanyii dhiphina isa nuyi baannuu, obsaan akka baattaniif isin in dandeessisa\*. 7 Isin dhiphina keenya irraa akkuma hirmaattan akkasuma jajjabina keenya irraas akka hirmaattan waan beeknuuf, abdiin nuyi waa'ee keessaniif qabnu hin socho'u.

\*3 Rom 15:5; Efe 1:3; IPhe 1:3  
\*4 7:6; Far 94:19  
\*5 Qol 1:24; Far 34:19  
\*6 4:8-11,15,17

8 Yaa obboloota ko, rakkinni kutaa biyya Asiyaa keessatti nu irra ga'e attam akka ture, akka beektan in jaallanna; rakkinni sun hamma nuyi baachuu dadhabnutti safara malee ulfaataa waan ta'eef, jireenyatti hafuu keenyaaf iyyuu abdii kutanee turre\*. 9 Akka waan firdiin du'aa nutti faradameetti, nutti dhaga'amme ture; garuu nuyi, Waaqayyo isa warra du'an kaasu duw-waa malee, ofii keenya akka hin amananeef kun ta'e. 10 Waaqayyo sodaachisa du'aa, isa akkasii keessaa nu oolcheera, nu oolchuufis jira; amma iyyuu deebi'ee akka inni nu oolchuuf abdii keenya isa irra kaa'anneerra\*. 11 Isinis waa'ee kanaaf nuuf kadhachuu keessaniin nu gargaaruu in dandeessu; namoonni baay'een gaarummaa inni

ittiin nu oolche kanaaf, nuuf jedhanii Waaqayyoof galata guddaa in galchu\*.

\*8 HoE; 19:23-40; 1Qor 15:32  
\*10 2Xim 4:18  
\*11 4:15; Rom 15:30; Filp 1:19

### Akeeka Isaa Gedduuu Isaa

12 Jirenya nuyi biyya lafaa kana keessa ittiin jiraanne, caalaatti immoo akki nuyi garaa dhokfannaa malee, gowwoomsaa malees isiniif wajjin itti jiraanne, Waaqayyo biraa ta'u isaa yaadni garaa keenya waan dhugaa nuuf ba'uuf, waan ittiin of jajannu argachuu keenya; kunis ayyaana Waaqayyoointiin malee, ogummaa biyya lafaatiin miti\*. 13 Waan isin dubbiftanii hubachuu dandeessan malee, nuyi wanta kan biraa isiniif hin caafne; guutummaatti akka hubachuu jirtan nan abdadha. 14 Amma gar tokkoo isaa yoo nuuf hubattan iyyuu, guyyaa gooftaa Yesusitti akkuma nuyi isiniif jajjuu dandeenu, isinis nuyiin akka of jajjanitti, guutummaatti nu hubachuu jirtu\*.

\*12 2:17; 1Qor 1:17; 2:4,13; HoE 23:1;  
24:16; 2Xim 1:3; Ibr 13:18  
\*14 3:2-3; 5:12; Filp 2:16; 4:1

15 Kun akka ta'u waanan amaneef, iyyaana Waaqayyo si'a lama akka irgattaniif, dura gara keessan dhufuuf ikeekene ture. 16 Utuun kutaa biyya Maqedoonyaa hin dhaqin dura, karaa keessan darbee isin argee, Maqedoonyaadhaa yeroon dhufus gara keessanittee leebi'ee, isin immoo gara kutaa biyya iihudaatti yommuun darbu na gargaaru\*. 17 Akeeka kana, "Hin dhibu" jelleen salphaatti baafadhee ree? Yoo-iis akeeka koo yeroon baafadhu akkuu namni biyya lafaa kanaa okkichumaan "Eyyee" jedhee, yomiusuma immoo "Waawuu" jedhuttan keekkadhaa ree\*. 18 Akka amanauummaan Waaqayyo dhugaa ta'e, kkasuma dubbiin ani isiniti dubbadhu Eyyee", "Waawuu" jechuudhaan kan aragaggalu miti\*. 19 Yesus Kristos, mi Waaqayyo, inni Silwaanosiin, imotewosii fi anaan isin giddutti illabame, "Eyyee" fi "Waawuu-haan" gara hin gaggalle; isa bira eroo hunduma "Eyyeetu" jira\*. Abdiin Waaqayyo hundinuu karaa ristos "Haa ta'u" jedhamanii in raawatamu; kanaaf nus karaa isaa

\*1 12:21; 1Qor 4:21  
\*4 7:8; HoE 20:31

"Ameen" jennee Waaqayyoof galata in galchina\*. 21 Isinii wajjin jabeessee kan nu dhaabe, hojji kanaafis kan nu dibe Waaqayyo dha\*. 22 Milikkita kan isaa ta'u keenyaas nutti mallateesseera; qabsisa garaa keenya keessa kaa'an-nus hafuura isaa nuuf kenneera\*.

\*16 HoE 19:21; 1Qor 16:5-6  
\*17 5:16; Mat 5:37; Yaq 5:12  
\*18 1Qor 1:9  
\*19 HoE 18:5; 1Tas 1:1  
\*20 Mul 3:14  
\*21 1Yoh 2:27  
\*22 5:5; Rom 8:16; Efe 1:13-14

23 Ani garuu isin qusachuudhaaf gara Qorontos dhufuu dhiisuu koo Waaqayyo in beeka; kanas Waaqayyo dhugaa ana irratti haa baasu\*. 24 Isin amantiitti jabaattanii waan dhaabattaniif, isin gammachiisuudhaaf isiniif wajjin hoijenna malee, nuyi amantii keessan irratti goostummaa argisiifna jennee miti\*.

\*23 11:31; 12:20-21  
\*24 4:5; IPhe 5:3

### Qooda Ofii Dhaquu Caaffata Erguu Isaa

2 Ani deebi'ee isin gaddisiisuu dhaaf gara keessan akka hin dhufune murtoo godheera\*. 2 Isinan gaddisiisa yoo ta'e immoo, warruma ani isaan gaddisiise irraa kan hafe eenyutu na gammachiisa ree? 3 Gara keessan dhufee, namoonni warri na gammachiisuun isaanifi ta'u akka ana hin gaddisiifneef kana isiniif caafeera; gammaduu kootti isinis akka gammaddan isin hin mamu. 4 Yaadni garaa koo guddaa utuu rakkatuutu dhiphatuus, imimmaan baay'ee lolasaas isiniif caafuu koo, jaalala guddaa ani isiniif qabu sana akka beektaaniif malee, isin gaddisiisuu miti\*.

\*1 12:21; 1Qor 4:21

\*4 7:8; HoE 20:31

### Namicha Yakkeef Akka Dhiisan Gorsuu Isaa

5 Egaa namni tokko isa kaan yoo gaddisiise ana gaddisiise miti; karaa gar tokkoo garuu, irra tuuluu hin ta'in malee, isin hunduma keessan gaddisiisuu isaa ti. 6 Nama akkasii kana, adabni baay'een keessan irratti walii galtanii kanaan dura isa adabdan, in ga'a\*. 7 Namichi gadda baay'ee guddadhaan

liqimfamuu isaa irra, isin yakka isaa dhiiftaniifii isa jaajabeesuun isiniif ta'a. <sup>8</sup> Egaa isa jaallachuu keessan ar-gisiisuudhaaf akka walii galtan isinan gorsa. <sup>9</sup> Kanaafis ani wanta hundumaatti abboomamoo ta'u keessan qoree beekuudhaaf isiniif caafeera. <sup>10</sup> Na-ma isin yakka isaa dhiiftaniif anis immoo nan dhiisaaf; wanti ani namaaf dhiisii jira yoo ta'e, sababii keessanif jedhee fuula Kristos durattu dhiise-raaf\*. <sup>11</sup> Akeeki Seexannaal maal akka ta'e waan beeknuuf, Seexannia akka nu hin gowwoomsineef kana in goona\*.

\*6 7:11

\*10 Yoh 20:23

\*11 Luq 22:31

### Waa'ee Tiitoosiif Yaadda'uun Isaa

12 Wangeela Kristos lallabuudhaaf mandara Xro'aas yommuun dhufe, gooftaan karaa anaaf banuu isaa nan arge\*. <sup>13</sup> Obboleessa koo Tiitoosin achii waanan dhabeef garuu, yaadni koo hin ciifne; kanaafan namootatti nagaan dhaamee, achii ba'ee kutaa biyya Maqedooniyaatti darbe\*.

\*12 HoE 14:27; 20:6; 1Qor 16:9

\*13 7:5-6; HoE 20:1

### Mo'icha Karaa Kristos Argamu

14 Waaqayyo isa yeroo hundumaa karaa Kristos akka warra mo'ee duulaa galuutti nu adeemsisuuf, Kristosin beekuus akka foolii urgaa'uutti harka keenyaan iddo hundumaan isa ga'uuf galanni haa ta'u\*. <sup>15</sup> Nuyi, warra karaa fayyinaa irra jiranii fi warra karaa badiisaa irra jiraniiis foolii Kristos isa Waaqayyotti urgaa'uutti dha\*. <sup>16</sup> Warra karaa badiisaa irra jiranii foolii du'a isaa nama ajjeesu, warra karaa fayyinaa irra jiranii garuu foolii jireenyaa isaa nama jiraachisuu dha; egaa eenyutu hojji akkasii kanaaf ta'a ree? <sup>17</sup> Nuyi akka warra Waaqayyo biraa ergama-niitti karaa Kristos fuula Waaqayyoo durattu garaa guutuudhaan dubbanna malee, akka namoonni baay'een dubbii Waaqayyoo mi'a harkatti gatii dhabe fakkeessanitti miti\*.

\*14 1Qor 15:57; Efe 3:8-9

\*15 Uma 8:21; Bau 29:18; 1Qor 1:18

\*16 3:5-6; Luq 2:34; Rom 1:16

\*17 1:12; 4:2; 1Phe 4:11

### Hojjetoota Kakuu Haaraa

**3** <sup>1</sup> Ammas keessa deebinee ofiif dubbachi jalqabnaa ree? Yookiis akka namoota tokko tokkoo caafata nuuf dubbatu gara keessanitti fiduu yookiis isin bira argachuu nu barba-chisa moo ree? <sup>2</sup> Caaffanni keenya inni nuuf dubbatu, inni namni hundi-nuu akka beekuuuf akka dubbisuuf garaa keenyatti caafame, isinuma\*. <sup>3</sup> Isin caaffata Kristos warra nuyi hojjennuuf ta'uun keessan beekamaa dha; caaffati-chis qalamiidhaan utuu hin ta'in ha-fuura Waaqayyoo isa jiraataatiin, gabatee dhagaattis utuu hin ta'in garaa namaati caafame\*.

\*1 5:12

\*2 1Qor 9:2

\*3 Bau 24:12; Er 31:33; His 11:19; 36:26

4 Amanannaan nuyi karaa Kristos Waaqayyo bira qabnu kan akkasii ti. <sup>5</sup> Nuyi ofii keenyaa wanti tokko illeec nu bira in ba'a jennee himachuu waan dandeenyu hin qabnu; hammi danda'aa keenyaa Waaqayyo bira in ba'a\*. <sup>6</sup> Isumatu seera caafamee kennameen utuu hin ta'in, hafuura qulqulluudhaan kakuu haaraadhaaf hojjechuu nu daneessise; seerri caafamee kennamee du'a in farada, hafuurichi garuu jireenyaa in kenna\*.

\*5 2:16; Filp 2:13

\*6 Er 31:31; 1Qor 11:25; Yoh 6:63; Rom 7:6

7 Seerichi gabatoota dhagaatti fi-dalaan qirixamee, yeroo kennametti ulfinaan mul'ate; booddee irraa dar-baa yoo adeeme iyuu calaqqifni fuula Musee yeroo sana jabaa waan tureef, iji saba Israa'el itti ejjechuu hin dandeeny. Egaa seerichi inni du'a faraduudhaan hojjetu ulfina ak-kasiitiin erga dhufee\*, <sup>8</sup> inni hafuuri hojjetu immoo hammam caalaa ulfina haa qabaatu ree? <sup>9</sup> Wanti firdii du'aaf hojjetu ulfina-qabeessa erga ta'e, wanti qajeelaa nama gochuuf hojjetu immoo hammam caalaa ulfina-qabeessa haa ta'u ree? <sup>10</sup> Ammas wanti caalaatti ulfina qabu waan ar-gameef, inni takka ulfina-qabeessa ture ulfina kan hin qabne ta'eera. <sup>11</sup> Egaa inni yeroodhumaaf jiraate ulfina erga qabaatee, inni itti fufee jiraatu immoo hammam caalaa ulfina haa qabaatu ree?

\*7 Bau 34:29-35

\*8 Gal 3:2,5

\*9 Kes 27:26; Rom 1:17; 3:21

\*11 Ibr 7:22

12 Abdii akkasii erga qabaannee nuyi guddaa ija in jabaanna. <sup>13</sup> Nuyi akka Musee hin goonu; inni, sabni Israa'el calaqqisa fuula isaa isa irraa darbu sana akka hin arginetti fuula isaa golgate\*. <sup>14</sup> Yaadni isaanii garuu hadoodchifameera, hamma guyyaa har'aatti iyuu kakuu moofaa kees-satti isa caafame yeroo dubbisan, golgaan sun isaan irratti in hafa, irraas hin fuudhamu; golgaan sun karaa Kristos duwwaa isaan irraa fuudhamuu in danda'a\*. <sup>15</sup> Hamma har'aatti iyuu yeroodhuma isaan seera Musee dubbisanitti golgichi yaada garaa isaanii in golga. <sup>16</sup> Caaf-fanni qulqullaa'an, "Yeroo inni gara gooftaatti garagalutti, golgichi isa du-raa in fuudhama" in jedha\*. <sup>17</sup> Egaa inni "Goofticha" jedhame kun, ha-fuura qulqullu dha; iddo hafuuri gooftichaa jiru immoo, birmadum-maatu jira\*. <sup>18</sup> Ammas nuyi fuula keenya utuu hin haguuggatin ulfinni gooftichaa nu irraa akka calaqqisu in goona; nuyis ulfinaa gara ulfinaatti larbuudhaan fakkaattii isaa akka taan-uuuf, akka goofticha isa hafuura sana irraa nuuf dhufeetti in diddiiramna\*.

\*13 Bau 34:33-35; Rom 10:4

\*14 Isa 6:10; 29:11-12; Rom 11:25;

Efe 2:14-15

\*16 Bau 34:34; Rom 11:23,26

\*17 Rom 8:2; 1Qor 15:45

\*18 4:6; Rom 8:29

### Amanamummaadhaan Hojjechuu

**1** <sup>1</sup> Kanaafis akkuma araara Waa-qayyoo fudhannetti, hojii ergaa anaah hojjechudhaaf abdii hin ku-innu\*. <sup>2</sup> Waan yeellaasisaa namni hoksaatti hojjetu garuu dhiifneerra; axxummaadhaan hin hojjennu, dub-bii Waaqayyoos hin micciirru. Nuyi ul'ifnee dhugaa dubbachuudhaan iula Waaqayyoo durattu yaada garaa amootaatti of dhi'eessina\*. <sup>3</sup> Wan-eelli nuyi lallabu yoo haguugame amoo, warra karaa badiisaa irra ran duwwaadhaaf haguugame\*. <sup>4</sup> In-hamaan waqaayyicha bara si'anaa ina ta'e, yaada warra hin amanin naa jaamseera; inni ifa ulfina Kris-

tos, isa fakkaattii Waaqayyoo wan-geela keessaa ibsu sana, akka hin argineef isaan dhowweera\*. <sup>5</sup> Nuyi ofii keenya utuu hin ta'in "Yesus Kristos gooftaa dha" jennee in lallab-na; nuyi immoo sababii Yesusiif hoj-jetoota keessan\*. <sup>6</sup> Waaqayyo isa, "Dukkana keessaa ifni haa ifu!" jedhetu, beekumsa ulfina isaa isa fuula Kristos irraa mul'atu ifatti baasuu-dhad garaa keenya keessatti nuuf ibse\*.

\*1 3:6; 1Qor 7:25; 1Xim 1:13,16

\*2 2:17; 5:11; 1Tas 2:5

\*3 2:15-16; 1Qor 1:18

\*4 Yoh 12:31; Efe 2:2; Qol 1:15; Ibr 1:3; Yoh 10:30

\*5 1:24

\*6 3:18; Uma 1:3; Efe 1:18-19; 2Phe 1:19

7 Ammas nuyi warri wanta gati-ja-beessa akkasii fudhanne kun, akka qodaa suphee ti; kana eeguudhaaf humni humna gararraa kan keenya utuu hin ta'in kan Waaqayyoo ti\*. <sup>8</sup> Karaa hundumaa in rakkanna, garuu badduu hin baanu; waan goonu in wallaalla, garuu abdii hin kutannu\*. <sup>9</sup> In ari'atamma, garuu hin gatamu; lafaan dha'amna, garuu achumatti hin hafnui. <sup>10</sup> Yesus jiraataa ta'uun isaa dhagni keenya jiraachuu isaatii akka mul'atuuf, yeroo hundumaa milikkita du'atti geeffamuu Yesus dhagna kee-nyatti baanee in adeemna\*. <sup>11</sup> Jiree-nyi Yesus foon keenya isa du'u kees-saan akka mul'atuuf, biyya lafaa irra utuu jirruu sababii Yesusiif jennee gaaf hundumaa du'atti dabarfamnee in kennamna\*. <sup>12</sup> Egaa duuni nu sodaachisaa jira; isin immoo jireenyatti jirtu\*.

\*7 5:1; 1Qor 4:11-13; 11:23-27

\*8 6:4-5; 7:5

\*10 Rom 6:8; Gal 6:17; 1Qor 15:31

\*11 Rom 8:36; 1Qor 4:9

\*12 13:9

13 Caaffanni qulqullaa'an, "Nan amane kanaafan dubbadhe" in jedha; nus immoo hafuuruma amantii sana qabaanee amanne; kanaafis in dub-banna\*. <sup>14</sup> Waaqayyo inni gooftaa Yesusin du'a kaase, Yesusin waan kaa-seef, nus immoo kaasee isinii wajjin of bira akka nu dhaabu in beekna\*. <sup>15</sup> Akkuma ayyaanni Waaqayyoo caa-laatti baay'atee irraa hafe, warri ulfina Waaqayyootiif galata dhi'eessanis

akka baay'ataniif kun hundinuu isiniifta'e\*.

\*13 Far 116:10

\*14 Rom 8:11; 1Qor 6:14

\*15 1:6,11

### Abdiidhaan Jiraachuu

16 Kanaafis nuyi matumaa abdii hin kutannu, namummaan keenya inni bakkeetti mul'atu gad dhumaan yoo adeeme iyyuu, namummaan keenya inni keessaa har'aa bor haara'aa in adeema\*. 17 Rakkinni salphaan inni nuyi yeroodhaaf baannu kun, ulfina bara baraa isa safara malee guddatu sana baachuudhaaf nu qopheessa\*. 18 Nuyi gara wanta ijaan hin argamnee ilaalla malee, gara wanta ijaan argamu hin ilaallu; wanti ijaan argamu yeroodhumaaf ta'a, wanti ijaan hin argamne garuu kan bara baraa ti\*.

\*16 Efe 3:16

\*17 Rom 8:17-18; IPhe 1:6-7

\*18 Rom 8:24-25; Ibr 10:34; 11:1

### Amantiidhaan Jiraachuu

5 1 Godoon jirenya keenya, [kana jechuunis dhagni keenya,] lafa kana irraa yoo jige, ijaarsa harki namaa hin ijaarin, mana bara bараан bantii waqaqaa keessa jiraatu, Waaqayyo biraa akka qabnu in beekna\*. 2 Isa ammaa kana keessatti baay'ifnii in aadna, mana keenya isa waaqa irraas irrumatti dabalachuudhaaf in hawwina\*. 3 Irratti dabalachuun keenyas isa duraa of irraa baafnee qillaa keenya akka hin argamneef\*; 4 godoo keenya isa kana keessa lafa irra yeroo jiraannu, ba'aan nutti ulfaateen in aadna; kunis mana keenya isa waaqa irraa isuma kana irratti dabalachuudhaaf, kanaanis inni du'u jirenyaan akka liqimfamuu malee, nuyi godoo keenya kana of irraa baasuu waan barbaanneef miti\*. 5 Inni akeeka kanaaf nu qopheessu immoo, Waaqayyo isa hafuura isaa qabsisa nuuf kennee dha\*.

\*1 Iyo 4:19; 2Phe 1:13-14; Ibr 9:11; 11:10

\*2 Rom 8:23

\*3 Mat 22:11; Efe 4:24; Mul 3:18

\*4 Rom 8:19,22; 1Qor 15:51-53

\*5 1:22; Rom 8:14-16; Efe 1:13-14

6 Kanaaf nuyi yeroo hundumaa ija jabina qabna; mana dhagna keenya keessa hamma jirrutti, mana gooftaa irraa fagaanee jiraachuu keenya in

beekna\*. 7 Nuyi amantiidhaan jiraanna malee, waan hundumaa ijaan arguudhaan jiraanna miti\*. 8 Nuyi ija jabina qabna; mana dhagna keenya kana irraas fagaanee, mana keenyatti gooftaa bira jiraachuu nuuf in wayya\*. 9 Egaa mana dhagna keenya keessa jiraannus isa irraa fagaannus, gooftaa biratti fudhatamoo akka taanuuf in dhimmina\*. 10 Namni adduma addaan dhagna isaa kanatti utuu jiruu gaariis ta'e hamaas ta'e, akkuma hojjetetti waan isaafta'u akka argatuuf, nuyi hundumti keenya barcuma firdii Kristos duratti dhi'aachuuf jirra\*.

\*6 Ibr 11:13-16; 13:14

\*7 1Qor 13:12; IPhe 1:8

\*8 Filp 1:23

\*9 Qol 1:10-11

\*10 HoE 17:31; Rom 2:16; 14:10; 1Qor 4:5

### Karaa Kristos Waaqayyotti Araaramuu

11 Kanaafis nuyi goofticha sodaachuun maal akka ta'e beeknee, namoonni kana tole jedhanii akka fudhatan in goona. Nuyi maal akka taane immoo Waaqayyo biratti beekamaa dha; yaada garaa keessanii akka beekamaa akka ta'es nan abdadha\*. 12 Nuyi lammaffaa deebinee isinitti of dhi'eefchauduudhaaf miti; nuun akka of jajjaniif sababii isiniif in kennina; yoos warra keessa isaaniiutti utuu hin ta'in waan duubaan mul'atuun of jajjaniif deebii kennuufi in dandeessu\*. 13 Nuyi yoo qalbii dabarsine, Waaqayyoof qalbii dabarsine; qalbiin keenya guutuu yoo ta'e immoo isiniif qalbiin keenya guutuu ta'a. 14 Namni tokko hundumaaf akka du'e, kanaanis namoonni hunduu du'uu isaanii amannee waan fudhanneef, jaallalli Kristos nu qaba\*. 15 Egaa warri jiraatan si'achi isa isaniif jedhee du'ee, du'aa kaafameef malee, ofii isaaniiitif akka hin jiraannetti, inni hundumaaf du'eera\*.

\*11 4:2; 1Qor 9:19-22

\*12 3:1; 10:12

\*14 Rom 6:3-4

\*15 Rom 14:7-9; Gal 2:20; IXim 2:9

16 Egaa nuyi ammaa jalqabnee, eenyuun illee akka alaan ilaalamutti hedanna miti; Kristosin iyyuu akka alaan ilaalamutti hedanne yoo ta'e, si'achi akkasitti isa hin hedannu. 17 Kanaafis namni kan Kristos yoo ta'e, uumama

haaraa dha; inni moofaan darbe, kunoo, inni haaraan dhufeera\*. 18 Kun hundumtuu Waaqayyo isa karaa Kristos ofitti nu araarse biraat ta'e; inni hojji araarsuu isaa kanas namootatti akka dabarsiuuf nuuf kenne\*. 19 Kunis, Waaqayyo irra-daddarbaa namootaa itti lakkaa'u dhiisee, karaa Kristos biyya lafaa ofitti araarse jechuu dha; ergaa araara isaa kana immoo hadaraa nutti kenne\*. 20 Egaa nuyi afaan Kristos taanee ergamneerra; Waaqayyos karaa keenya isin in dhageessifata; "Waaqayyotti araaramaa!" jennee qooda Kristos taanee isin in kadhanna\*. 21 Isa cubbuu tokko illee hin qabne, nuyi karaa isaa qajeelina Waaqayyoo akka argannutti, nuuf jedhee cubbamai\* isaa godheera\*.

\*17 Rom 8:1,10; Gal 6:15; Mul 21:5

\*18 Rom 5:10

\*19 Yoh 14:10; Rom 3:24-25; Qol 1:19-20; 1Yoh 2:2

\*20 Isa 52:7; Luq 10:16; Yoh 20:21

\*21 Yoh 8:46; Rom 8:3-4; Gal 3:13; 1Qor 1:30; IPhe 2:22,24; 3:18

### Fakkeanya Hojjetoonni Waaqayyoo Kennan

6 1 Egaa nuyi warri Waaqayyoo wajjin hojjennu, ayyaan Waaqayyoo akka waan waa'ee hin baafneetti akka hin fudhanneef cimsinee isin in gorsina\*.

2 Waaqayyo, "Yeroo ana biratti jaallatamee fudhatametti siif dhaga'eera; guyyaa fayyinaattis si gargaareera" jedha. Kunoo, yeroon jaallatamee fudhatame amma; kunoo, guyyaan fayyinaa amma\*!

Ergaan keenya maqaa gadhee akka in arganeef nama tokko iyyuu matunaan hin gufachiiunu. 4 Haa ta'u iyyuu nalee, nuyi karaa hundumaan akka ojjetoota Waaqayyootti of in dhi'eesina. Hojjetoota Waaqayyoo ta'uun keenya argisiisuudhaaf baay'ee in obsina, rakkanna, gidiraatti, muddamattis in alla\*; in reebamna, in hidhamna, ooliin nutti kaafama, hojijitti in dhabna, hirribaa in dhabna, in soomna\*. Garaa qulqulluudhaan beekumsaanis

\*Qor 5:21 "Cubbamaa" baay'een "Cubbuu" jedhu.

\*Qor 6:15 "Seexanni" Grii "Beliyaar (Beliyaal)".

in hojjenna, waliif in dandeenyaa, gaarummaadhaan in jiraanna, hafuura qulqulluutiin in geggeeffamna, jaalala amanamaa in argisiifna\*. 7 Dubbii isa dhugaadhaan, humna Waaqayyootiin is in hojjenna, qajeelina akka mi'a waraa-naatti [ittiin hojjechuudhaaf] harka mirgaa fi harka bitaatti in qabanna\*;

\*8 ulfinaan salphinaanis, maqaa baduudhaan, maqaa toludhaanis, akka gowwoomsituutti ilaalamuudhaan, dhugaa qabaachuudhaanis in deddeebina\*. 9 Utuma beekamnee jirruu akka warra beekamini taane; akka warra du'aniitti in lakkaa'amna, nuyi garuu kuno, in jiraanna! Akka warra adabamanii taane, garuu hin ajeefamne\*. 10 Akka warra gaddaniitti in ilaalamna, garuu nuyi yeroo hundumaa in gammanna; akka warra deeganiitti in lakkaa'amna, garuu namoota baay'ee in sooromsina; akka warra homaa hin qabneetti in ilaalamna, garuu waan hundumaa qabna\*.

\*1 I 1:24; Ibr 12:15

\*2 Isa 49:8; Luq 4:19-21

\*4 4:8-11

\*5 11:23-27; HoE 16:23; 19:29; 21:30

\*6 IXim 4:12

\*7 4:2; Rom 15:19; 1Qor 2:4; Efe 6:14-17; 2Xim 2:15

\*8 4:10-11

\*9 Far 118:18

\*10 8:9; 1Qor 3:21; Filp 4:12-13

11 Yaa warra Qorontos, nuyi afaan guunnee isinitti dubbanne, garaan keenyas isiniif bal'aa dha. 12 Isintu garaa nutti dhiphate malee, nuyi garaa isinitti hin dhiphante. 13 Akkuma nuyi garaa isinitti bal'anee isinis immoo garaa nutti bal'adhaa! jedheen akka ijoollee kootiitti isinitti dubbadha\*.

\*13 1Qor 4:14

### Saba Waaqayyoo Warra Hin Ta'initti Hidhachuu Irraa Of Eggachiisuu Isaa

14 Warra hin amannee wajjin waliif hin hidhatinaa! Qajeelinnii fi jal'inni maal walitti qabu? Ifnii fi dukkanni tokkummaa maalii qabu ree\*? 15 Kristosii fi Seexanni<sup>2</sup> attamitti walii galu ree? Inni amanee isaa hin amannee biraat qaba maalii qaba ree\*?

<sup>16</sup> Manni qulqullummaa Waaqayyoo immoo waaqayyoli tolfamanii wajjin walii galtee maalii qabu? Waaqayyo jiraataa dha, nuyis mana qulqullummaa isaa ti; Waaqayyo ofii isatiit,

“Ani isaan bira nan buufadha, isaan giddus nan deddeebi’; ani Waaqayyo isaanii nan ta’; isaanis saba koo in ta’u” jedheera\*.

<sup>17</sup> Iddoo biraattis immoo, “Isaan keessaa adeemaa, ittii gargar ba’as; wanta xuraa’aa harkaan hin qabinaa!

Anis isinan simadha, jedha gooftaan\*.”

<sup>18</sup> Akkasumas immoo, “Ani abbaa isiniif nan ta’; isinis ilmaan koo intaloota koos in taatu’

jedha gooftaan inni hundumaa danda’u” jedhameera\*.

\*14 Kes 22:10; Efe 5:7,11

\*15 1Mot 18:21

\*16 Lew 26:11-12; Er 31:33; 32:38; His 37:27; Yoh 14:23; 1Qor 3:16; 6:19

\*17 Luk 16:26; Isa 52:11; Mul 18:4

\*18 2Sam 7:14; 1Sen 17:13; Isa 43:6; Er 31:9; Yoh 1:12

### Xumuraa Of Eggachiiisa Isatiit

**7** <sup>1</sup> Yaa michoota ko! Abdii kana erga qabaannee, kottaa, waanuma dhagna keenyaa fi hafuuwa keenya xurees-tutti of in qulleessinaa; Waaqayyoon sodaachuutti jiraachuudhaanis qulqullummaa fiixaan in baafannaa\*.

\*1 Yoh 3:3

### Gabbuu Amantootaatti Gammaduu Isaa

**2** Garaa nutti bal’adhaa! Nuyi nama tokko iyyuu hin yakkine, nama tokko iyyuu amala hin balleessine, nama tokko iyyuu gowwoomsinee waa irraa hin nyaanne\*. <sup>3</sup> Kanas dubbachuun koo yakka isinitti muruudhaaf miti; akku-man kanaan dura jedhe, nuyi isinii wajjin du’udhaaf isinii wajjin jiraachuudhaafis isinitti garaa bal’anneer-ra\*. <sup>4</sup> Ani waanan isin amanadhuuf mul’isee isinitti nan dubbadha; isininiis guddiseen of jaja. Garaa guutuudhaan nan jajjabadha; rakkina keenya hun-

dumaa keessattis, gammachuun koo irra darbaa dha\*.

\*2 12:17; HoE 20:23

\*3 6:11-13

\*4 Filp 2:17

**5** Erga Maqedooniyya geenyee iyyuu nuyi boqonaa hin arganne; waan hundumaatti karaa alaa lolaan, karaa keessaa sodaadhaan rakkachaa turre\*. <sup>6</sup> Waaqayyo inni warra yaadni isaanii gad qabaame jajjabeessu garuu, dhufa Tiitoosiin nu jajjabeesse\*. <sup>7</sup> Dhufa isaa duwwaadhaan miti, jajjabina inni ofii waa’ee keessanii argateenis jajjabaa-dheera; Tiitoos ana yaaduu keessan, gadduu keessan, hinaaffaa isin anaaf qabdanis yommuu anatti hime, ani caalaa nan gammade\*.

\*5 2:13; 4:8; HoE 20:1-2

\*6 1:3-4; 2:13

\*7 1Tas 3:6-8

**8** Caaffata kootiin yoon isin gaddiisiie iyyuu ani amma hin gaabbi; yeroodhaaf isin gaddisiisu isaa yom-muun arge illee gaabbeen ture\*. <sup>9</sup> Amma garuu waanan isin gaddisiiseef utuu hin ta’in, gaddi keessan yaada garaa keessanii akka geddarattan waan go-dheeef nan gammada; wanta nuyi hojenneen karaa kam illee akka hin miidhammetti gaddi keessan isaa Waaqayyo biratti fudhatamu ture. <sup>10</sup> Akka Waaqayyo biratti fudhatamuti gadduun, yaada garaa geddarachuu fida; inni immoo gara fayyinaatti geessa malee, nama hin gaabbisiisu; akka biyya lafaa keessatti fudhatamuti gadduun garuu du’a fida\*. <sup>11</sup> Egaa akka Waaqayyo biratti fudhatamuti gadduun keessan dhimmamuut attamii, falmachuudhaafis duudhamuu attamii, dheekkamsa attamii, naasuu attamii, ana yaaduu attamii, hinaaffaa attamii, adaba attamii akka isin keessaa kaase ilalaalaa! Karaa hundumaas isin dubbii kanatti yakka akka hin qabne argisiiftaniittu\*. <sup>12</sup> Ani kana yoon isiniif caafe iyyuu, hinaaffaan isin nuyiif qabdan Waaqayyo duratti isinumatti akka mul’atuuf malee, isa balleesseef yookiis isa itti balleeffameef jedhee miti\*. <sup>13</sup> Kanatti nuyi jajjabina arganneerra.

\*8 2:2-4

\*10 Mat 5:4; 26:75; 27:3-5; Luq 15:17-24

\*11 2:5-11

\*12 2:9

Jajjabina ofii keenyaa itti gamman-ne irratti immoo, isin hundumti kees-san yaada isaa waan ciibsitaniif gam-machuu Tiitoosittu nuyis caalchifree gammanneerra. <sup>14</sup> Isiniin akkan of jaju isatti himeen ture, isinis ana hin qa-a-nessine; akkuma wanti nuyi isiniti himne hundinuu dhugaa ture, wanti nuyi Tiitoos duratti of jajaa turres dhugaa ta’e\*. <sup>15</sup> Akka itti isin hundumti keessan barsiisa isatiif abboomamtan, sodaadhaa fi rom’aatnis akka isa simat-tan yommuu yaadatu, isa durii caalaa garaan isaa isin bira in jiraata. <sup>16</sup> Anis waan hundumaatti isin amanachuu waanan danda’uuf nan gammada.

### Kennaa Kristiyaanoni Kennan

**8** <sup>1</sup> Yaa obboloota nana, gochaa ay-yaana Waaqayyoo isa waldoota kristiyaanaa biyya Maqedooniyyatiif raawwatame akka beektan in barbaan-na\*. <sup>2</sup> Rakkinni baay’isee yoo isaan qore iyyuu safara malee gammadanii, deegni isaanii badduu baasa yoo ta’e iyyuu gargaarsa kennuudhaaf safara malee arjoomaniiru; <sup>3</sup> isaan jaalaluma isaaniitiin hamma humna isaanii, hum-na isaanii gararraattis kennuu isaanii dhugaa nan ba’af. <sup>4</sup> Warra Waaqay-yoof qulqullaan gargaaruuf, gochaa ayyaanaa kana keessaa akka hirmaata-niif cimsanii nu kadhataniiru\*. <sup>5</sup> Isaan waan nuyi isaan irraa abdanee caalaa yyuu godhan; duraan dursanii Waa-jayotti of kennanii, booddee immoo ikka fedha Waaqayyootti nuuf of ken-nan. <sup>6</sup> Kana irratti Tiitoos gochaa ayyaanaa isa jalqabe kana, isin gidduutti iixaan akka baasuuf gorsineerra\*. Ammas wanta hundumaatti amantiitti, lubbiitti, beckumsatti, dhimmuutti, aalala nuyi isin gidduutti qabsiifnetti ennaa irraa hafaa akkuma qabdau, ochaa ayyaanaa kanattis kennaa irraa afaa qabaadhaa\*!

\*1 9:1-2; Rom 15:26

\*4 HoE 11:29

\*6 7:13-15; 12:18

\*7 1Qor 1:5; 16:1-2

**8** Kana jechuu koos warri kaan tam akka dhimman argisiisuuudhaan alalli keessan dhugaa ta’uu isaa qo-udhaaf malee, isin abboomuuudhaaf iti\*. <sup>9</sup> Isinoo gaarummaa goftaan yenya Yesus Kristos ayyaana isatiin

isiniif kenne hubattaniittu; inni ba-dhaadhaa utuma jiruu deegaa ta’uu isaatiin isin badhaasuuudhaaf isiniif jedhee deegaa ta’e\*. <sup>10</sup> Gochaa isa bar-dheengaddaa jaalala keessaniin hojii irra oolchuu jalqabdan itti fufuun isiniif ba’eessa jedheetan yaada koo kenn-a\*. <sup>11</sup> Egaa jaalala keessaniin waa gochuudhaaf qophaa’oo akkuma taatan, waanuma qabdaniin hojii irra ool-chuu isaa fiixaan baasaas! <sup>12</sup> Namni kennuudhaaf qophaa’aa erga ta’ee, wanti inni dhi’eessu sun akka humna isatiit fudhatamaa ta’ malee, humna isaa gararraatti miti\*. <sup>13</sup> Kanas ofii keessan dhabsiiftanii, warra kaan rak-kina keessaa akka baaftaniif utuu hin ta’in, gara lachuuf iyyuu akka wal qixxaatu jechuu koo ti. <sup>14</sup> Wanti isaan irraa hafuu jiru qaawwa dhaba kees-sanii akka isiniif duuchutti, wanti amma isin irraa hafu immoo qaawwa dhaba isaanii akka duuchuuf gargaaraa! Akkasitti gara lachuuf iyyuu wal in qixxaata\*. <sup>15</sup> Caaffanni qulqullaan, “Isa baay’ee bu’ateef homtuu irraa hin hafneef, isa xinnoo bu’atetti homtuu itti hin hir’anne” jedha\*.

\*8 1Yoh 3:17-18

\*9 Mat 8:20; Luq 9:58; Filp 2:6-7

\*10 9:2

\*12 9:7; Mar 12:43; Fak 3:27-28

\*14 9:12

\*15 Bau 16:18

### Tiitoosii Fi Warra Miiltoo Isaa

**16** Waaqayyo isa Tiitoosin akkas baay’isee akka isiniif dhimmu go-dheeef galanni haa ta’u! <sup>17</sup> Tiitoos yaada nuyi itti dhi’eessine fudhatee, ofii isatiit caalaa waan dhimmuuf jaalaluma isaatiin isin bira dhufuu isaa ti\*.

**18** Isaa wajjin obboleessa isa wangeela lallabuutti waldoota kristiyaanaa hundumaa biratti beekamaa ta’e erguu keenya\*. <sup>19</sup> Obboleessi kun beekamuut duwwaa utuu hin ta’in, gochaa ayyaanaa isa ulfina gooftichaatiif, fedha gaarii qabnu argisiisuuudhaafis itti fu-faa jiru keessatti, nuyii wajjin akka adeemuuf immoo waldoota kristiyaanaatiit fo’ameera. <sup>20</sup> Qabaa horii baay’ee gargaarsaaf walitti qabame kanaa irratti namni tokko illee maqaa gadhee akka nuuf hin kenninetti ool-chuudhaaf in dhamaana. <sup>21</sup> Akeeki keenya fula goftaa duratti duwwaa

utuu hin ta'in, fuula namootaa durattis immoo wanta galata qabu hojjechuu dha\*.

\*17 8:6; 7:7,15

\*18 12:18

\*21 Rom 12:17

22 Egaa nuyi obboleessa keenya tokko immoo waan baay'eetti qorree, si'a baay'ee dhimmaa ta'u isaa bira geenyee, jara kanaa wajjin erguu keenya; innis guddaa waan isin amanateef ammaa caalchisee iyyuu in dhimma. 23 Tiitoos garee koo ti, isiniif hojjechuu tisidhata koo ti; obboloonni koo kun waldoota kristiyaanaa biraa ergamani, ulfina Kristos argisiisu\*. 24 Jaa-lala keessan itti argisiisa! Kanaanis jara kanatti isin jajuun keenya dhugaa ta'u isaa waldoota kristiyaanaa biratti mul'isaa\*!

\*23 7:13; 12:18; Rom 16:7

\*24 7:14-15

### Waa'ee Wal Gargaarsa Kristiyaanotaa

**9** 1 Waa'ee gargaarsa warra Waaqayyoof qulqullaan'aniif kennamu immoo isiniif caafuun barbaachisaa miti\*. 2 Isin gargaarsaaf qophaa'u keessan nan beeka; qophaa'ummaa keessaniinis ani, "Kristiyaanoni biyya Akaayyaa erga bardheengaddaati jalqabanii qophaa'aniiru" jedhee waa'ee keessaniif warra biyya Maqedooniyatti ofan jaja; hinaaffaan keessanis isaan keessaa namoota baay'ee sochooseera. 3 Ammas, "Qophaa'aniiru" akkuman jedhe qophoontanii akka argamtan malee, waa'ee kanaatiif isiniif of jajuun keenya, dubbii akkasumaan dubbatame akka hin taanetti, obboloota kana gara keessanitii erguu koo ti\*. 4 Warri Maqedooniyaa anaa wajjin dhufanii, akka isin hin qophaa'in yoo argan garuu, kan keessan iyyuu hafnaan nuyi warri akkas isin amanannes in qaanoofna. 5 Kana irratti obboloonni kun na dura gara keessan dhufanii, gargaarsa isin arjummaadhaan kennudhaaf abdachiftan akka qophoessaniif, isaan kadhachuu barbaachisaa anatti fakkate; gargaarsiunis akka kennaan dooqnaatti utuu hin ta'in, akka kennaan arjaatti qophaa'ee nu haa eegu!

\*1 8:4,20

\*3 8:22,24

6 Namni harka isaa utuu hin guutin facaaus, harka utuu hin guutin in gal-fata; namni harka guutee facaaus im-moo harka guutee in galfata\*. 7 Namni adduma addaan garaa duuba yookiis giddiidihaan utuu hin ta'in, akka garaa isatti murtoo godhetti kennuutu isaafta'a; Waaqayyo nama gammachuu-dhaan kennu in jaallata\*. 8 Yeroo hundumaa waan isin barbaachisu hundumaa argattanii karaa hundumaa of daneessanii hojji gaariif iyyuu irraa kan isiniif hafu akka qabaattaniif, Waaqayyo isa isin barbaachisu irra caalchisee isiniif kennuuf danda'aa dha\*. 9 Akku-ma caafame,

"Inni harka guutee, warra  
dhabaniif in kenna,  
tolli isaaas barabaraan jabaatee  
in dhaabata"  
in jedha\*.

10 Waaqayyo inni sanyii isa facaausuuf, budeenes naaachuuudhaaf namaaf ken-nu, kennaa keessan isiniif in baraka-chiisa, ija tola keessan irraa galfattanis in baay'isa\*. 11 Waan hundumaatti akka arjoontaniifis karaa hundumaa isin in badhaasa; arjummaa keessan isa nu harkaa fudhattaniif immoo namoonni baay'een Waaqayyoof galata in gal-chu\*. 12 Karaa akkasiis namaaf hojje-chuun, galanni Waaqayyoof dhi'eeffa-mu caalaatti akka baay'atu gochuu dha malee, warra Waaqayyoof qulqullaan'aniif qaawwa dhaba isaanii duuchuu duwwaa miti\*. 13 Namaaf hojjechuun keessan amanamoo ta'u keessan waan argisiisuuf, wangeela Kristos isa beek-siftanii abboomamuu keessaniif, ar-jummaa isin isaaifi gootanii, namoota kan biraatiinis geessaniif, baay'een guddina Waaqayyoo in himu. 14 Ayyaan-na Waaqayyoo isa isin keessatti caalaadeemuuf, isin yaadaa, isiniifis kadha-chaa jiru. 15 Kennaa isaa isa hammas hin jedhamneef, Waaqayyoof galanni haa ta'u\*!

\*6 Fak 11:24-25; 19:17; 28:27  
\*7 8:8; Rom 12:8; Kes 15:10  
\*8 Filp 4:19  
\*9 Far 11:2,9  
\*10 Isa 55:10; Yaq 3:18  
\*11 1:11; 4:15; 8:7  
\*12 8:14  
\*15 Rom 6:23

### Ergamaa Gooftaa Ta'u Isaatiif Falmachuu Isaa

**10** 1 Ani Phaawulos ofsiin koo gar-aamummaadhaa fi gara-laafummaa Kristosiin cimsee isin nan gorsa; ani yommuun isin bira jiru "Ija-laafessa", yommuun isin irraa fa-gaadhu immoo "Ija-jabeessa" jedha-meera\*. 2 Yommuun isin biratti argamu ija-jabinaan akka ana hin dubbachiifne isinan kadhatha; warra akka yaada fooniitti deddeebi'u nuun jedhan ir-ratti, ani ija-jabinaan dubbachuuudhaaf yaada koo keessaa akkan qabu of nan amana\*. 3 Nama foonii yoo taane iyyuu, akka yaada fooniitti nama lolla miti. 4 Mi'i waraanaa keenya mi'a da'oо jajjabaa jigsuudhaaf Waaqayyoof hojjechuu danda'uu dha malee, mi'a namni foonii ittiin hojjetu miti; yaada amansiisa hin qabne isa nama wallaalchisuuf qophaa'es in diiga\*. 5 Waanuma ogummaa Waaqayyoof gu-fachiisuudhaaf dura dhaabatu hundu-naa diignee, yaada namootaa Kristo-iiif abboomsisuudhaaf in boojina\*.

Erga isin raawwattanii abboomamta-ii, nuyis immoo abboomamuu diduu undumaa adabuudhaaf qophoofnee irra.

\*1 IQor 2:3

\*2 13:1-10; 1:12,17; IQor 4:21

\*4 Efe 6:13-17

\*5 Isa 2:12-17; Rom 15:18

7 Wanta ija keessan duratti mul'a-1 ilaalaa! "Ani kan Kristos" jedhee amni of amanatu yoo jiraate, inni an Kristos akkuma ta'e, nus immoo an Kristos ta'u keenya itti haa aadu! 8 Aboo gooftaan ittiin isin iiguuf utuu hin ta'in, ittiin ijaaruuf uuf kenneen utuu caalaatti of jajee iyyuu, ana hin yeellaasisu ture\*. Anis nama, caaffata isaatiin isin odaachisu barbaade hin fakkaadhun re. 10 Jarri tokko waa'ee kootiif, Caaffata isaa keessatti dubbii dhima-a baasuu fi jajjabaa in caafa; yom-uu nu biratti argamee afaaniin dubbi-itu immoo dadhabaa dha, dubbiin aas dhimma hin kutu" jedhaniiru\*. Nuyi waan isaan irraa fagaannee taaffata keenyaan isaanitti dubbannu, ommuu isaan biratti argamnus isuma ijji irra oolchuuf akka jirru jarri kun a beekan\*.

### 2 Gara Warra Qorontos 10 – 11

\*8 12:6; 13:10  
\*10 10:1; 11:6  
\*11 13:2,10

12 Nuyi warra ofiif dubbatan sa-natti of lakkaa'uudhaaf yookiis isaa-nitti of qixxeessuudhaaf ija hin ja-baannu; isaan ija ofiisaaaniitiin wal safaru, walii isaaaniittis of in qixxes-su, kunis gowwummaa isaanii ti\*. 13 Nuyi garuu safara malee of hin jajnu; of jajuun keenya isa Waaqayyo hojjiidhaaf safaree nuuf laannaan, nuyis immoo ittiin isin bira geenyee keessaa hin ba'u\*. 14 Nuyi akka waan kanaan dura isin bira hin ga'in jir-ruutti isinitti hin hiixannu; nuyi du-raan dursinee wangeela Kristos fid-nee gara keessan dhufneerra\*. 15 Hojji namoonni biraa itti dadhabanii safara malee of hin jajannu; yeroo aman-tiin keessan guddatu immoo, nuyis akka hojji Waaqayyo safaree nuuf kennetti, isin biratti nama guddaa akka taanu in abdanna. 16 Ammas nuyi isa namni kan biraa lafa hojji isaatitti hojjetee qopheesseen utuu of hin ja-jin, isin garasitti iyyuu darbinee wan-geela in lallabna\*. 17 Akkuma caafamee jiru iyyuu, "Namni of jaju, go-cha gooftaatin of haa jaju\*!"

18 Nama gooftaan dubbatuufu fudhatamaa ta'u danda'a malee, namni ofiif dubbatu fudhatamaa ta'u hin danda'u\*.

\*12 3:1; 5:12

\*13 Rom 12:3

\*14 IQor 9:2

\*16 HoE 19:21; Rom 15:20

\*17 Er 9:23-24; IQor 1:31

\*18 Fak 27:2; IQor 4:4-5

### Gowwoomsaa Warra Sobduu Irraa Of Eeggachiisuu Isaa

**11** 1 Gowwummaa koo isa xinnaa akka anaaf dandeessan nan hawwa; eyyee, anaaf in dandeessu\*. 2 Ani akka durba amanantuutti Kristos abbaa manaa tokkichatti isin heerum-siifachuuudhaaf, isin kaadhimachiisee waanan tureef, akkuma Waaqayyo hi-naafu, anis isiniif nan hinaafa\*. 3 Akkuma bofni haxxummaadhaan Hew-waanin gowwoomsite, yaadni keessanis immoo karaa irraa kaatee, Kristos isa garaa qulqulluudhaan of kennitaniiif sana irraa garagaltu jedhee sodaadheera\*. 4 Namni tokko dhufee, isa nuyi

isiniti lallabne malee, Yesus isa kan biraay yoo isiniti lallabe yookiis isa kanaan dura fudhattan malee, hafuura kan biraay yoo fudhattan yookiis isa kanaan dura simattan malee, wangeela kan biraay yoo simattan, calluma jettanii in dandeessu jechuu dha\*. <sup>5</sup> Ani karaa tokko illee ergamoota warra hundumaa irra caalan kanaa gaditti waanan ilalamu anatti hin fakkaatu\*. <sup>6</sup> Dubbii nama dhageessisuutti bartuu yoon ta'e iyyuu, beekumsatti bartuu miti; nuyis kun karaa adda addaatiin, waan hundumattis isin biratti akka beekamu gooneerra\*.

\*1 11:16-19; 12:6

\*2 Efe 5:24-27

\*3 Uma 3:1-13

\*4 Gal 1:6-9

\*5 12:11; 10:12; 1Qor 15:9-10; Gal 2:6,9

\*6 10:10; 1Qor 2:1,13; Efe 3:4

7 Ani wangeela Waaqayyoo gatii malee waanan isiniti lallabeef, akka isin ol ol qabamtaniifis gad of deebisuu kootiin cubbuun hojjedhee ree\*? <sup>8</sup> Garagaarsan isaan irraa argadhuun isiniif hojjechudhaaf waldoota warra kaan saameera\*. <sup>9</sup> Isin bira utuun jiruu yeroon waa dhabettis, obboloota warra Maqedoonyaadhaa dhufantu wanta na barbaachisu na danda'e malee, ani nama tokkotti iyyuu ba'aa hin taane; akkuma ani kanaan dura eeggadhe, gara fuula duraattis ba'aa akkan isiniti hin taaneef nan eeggadha\*. <sup>10</sup> Dhugaa Kristos isa na keessa jiruu ti! Of jajuu koo kun kutaa biyya Akaayyaati na duraa hin cufamu\*. <sup>11</sup> Waanan isin hin jaallanneefan akkas jedhha? Waaqayyo beeka, isin nan jaalladha!

\*7 12:13

\*8 Filp 4:10,15; HoE 18:3

\*9 12:13; ITas 2:9; Filp 4:15-18

\*10 1Qor 9:15

12 Namoonni warri kaan of jajuu-dhaaf fucha argatanii, isaanii wajjin karaa tokkicha irra hojjenna akka nuun hin jenne gochuudhaaf, akkuma ani amma hojjechaa jirutti ittuma fufee nan hojjedha\*. <sup>13</sup> Jarreen akkasii kun ergamoota sobaa ti, hojjetoota nama gowwoomsan, ergamoota warra Kristos waame fakkaachudhaaf warra wallaalchifatanii dha\*. <sup>14</sup> Seexanni iyyuu ergamoota ifaa fakkaachudhaaf waan wallaalchifatuuf, kun waan dinqisiisu

miti\*, <sup>15</sup> Kanaaf hojjetoonni isaas hojjetoota qajeelinaa fakkaachudhaaf yoo wallaalchifatan, kun waan guddaa miti; gara dhumaattis waan hojii isainiitif ta'u argachuuf jiru\*.

\*13 2:17; Filp 3:2; Mul 2:2

\*14 Mat 4:5-6; HoE 16:16-17

\*15 Filp 3:19

### Ofii Isaati Akka Ergamaatti Rakkachuu Isaa

16 Ani irran deebi'a, namni tokko gowwaa ana hin se'in! Yoo kana ta'u dhaabaate garuu, anis immoo ximnoo akkan of jajutti akka gowwaatti illee na fudhadhaa\*! <sup>17</sup> Waa'ee amanannaa of jajuu kanaaf, akka isa gooftaan dubba-chuuf anaaf kenneetti utuu hin ta'in, akka nama gowwaatti nan dubbadha\*. <sup>18</sup> Namoonni baay'een akka yaada fooniitti of jaju erga ta'ee, anis ofan jaja\*. <sup>19</sup> Isin iyyuu ofii keessanii ogeessota taatanii, warra gowwootaaf gammachuudhaan in dandeessuuf miti\*? <sup>20</sup> Namni garba yoo isin godhate, yoo isin irraa nyaate, fucha argatee harka isaa keessa yoo isin galfate, yookiis asii gad yoo isin ilaale, yookiis maddii keessa yoo isin kabale in dandeessuuf\*. <sup>21</sup> Nuyi garuu waan akkasii nama irratti gochuutti dadhaboo akka turre yeella'aa nan dubbadha.

\*16 11:1; 12:6

\*17 12:19

\*18 Filp 3:3-4

\*19 1Qor 4:10

\*20 1Qor 7:23

Garuu waanuma namni tokko ittiin of jajuu-dhaaf ija jabaatu, anis isumaa ija nan jabaadha; kanas akka gowwaattan dubbadha. <sup>22</sup> Warra Ibrootaa waan ta'aniifii? Anis akkasuma; warra Israa'el waan ta'aniifii? Anis akkasuma; sanyii Abrahaam waan ta'aniifii? Anis akkasuma\*; <sup>23</sup> hojjetoota Kristos waan ta'aniifii? Isatti immoo ani nan caala. Kana akka nama qalbi dabarseettan dubbadha; anि baay'ee caalchisees itti dadhabee, baay'ee caalchisees itti hidhamee, rukuttaa lakkobsa hin qab-neen rukutameera, yeroo baay'ees ani afaan boollaa ga'ee deebi'eera\*. <sup>24</sup> Ani si'a shan harka Yihudoottaa qaceedhaan afurtama tokko hir'uu ree-bameera\*. <sup>25</sup> Si'a sadii uleedhaan dhaanameera; si'a tokko dhagaadhaan

rukutameera; si'a sadii caccabaa markabaa irran ture; guyyaa tokkoo fi halkan tokkoof galaana keessan ture\*. <sup>26</sup> Ani adeemsa har'aa borii keessatti bishaan guutuudhaan doorsifamaa, warra saamtuuudhaan doorsifamaa, saba kootiin doorsifamaa, warra saba koo hin ta'iniin doorsifamaa, mandara keessatti doorsifamaa, lafa onaa keessatti doorsifamaa, galaana irratti doorsifamaa, obboloota sobaatiin doorsifamaa tureera\*. <sup>27</sup> Hojiitti dadhabuu, rakkiina, halkan baay'ees hirriba malee buluu, beela, dheebuu, yeroo baay'ee hagabuu taa'uu, qorra keessatti quillaa ta'uu baachaan ture\*. <sup>28</sup> Kana malees, guyyaa guyyaatti waldoota kristiyaa-naatiif yaadda'uun anatti ulfaachaa jira\*. <sup>29</sup> Namni tokko in dadhaba yoo ta'e, anis immoo issa wajjin hin dadhabuu ree? Namni tokko cubbuutti yoo kuffifame, waa'ee isatiif garaan koo ana hin gubatuu ree\*?

\*22 HoE 22:3; Filp 3:5

\*23 6:4-5; 1Qor 4:1; 15:10; HoE 16:23

\*24 Kes 25:3

\*25 HoE 16:22; 14:19; 27:41-44

\*26 HoE 9:23; 14:5

\*27 6:4-5; 1Qor 4:11; ITas 2:9

\*28 HoE 20:18-21

\*29 1Qor 9:22

30 Of jajuu yoo anaaf ta'e immoo wanta dadhabpii koo argisiisun of nan jaja\*. <sup>31</sup> Waaqayyoo fi abbaan gooftaa Yesus, galateeffamaan bara baraa, akkan soba hin dubbanne in beeka. <sup>32</sup> Mandara Damaasqotti inni mootticha Areexaa jalatti bulchaa biyyaa ta'e, ana qabsiisuuudhaaf karra mandarichaa eegsisaat ture. <sup>33</sup> Ani garuu guoodhaan, karaa qaawwa masaraa nandarichaa gad buufameetan qabaa saa jalaa ba'e\*.

\*30 12:5,9,10

\*32-33 HoE 9:23-25

### Wanta Gooftaan Yeroo Adda Addaatti Isatti Mul'ise

**12** <sup>1</sup> Utuma dhimma anaaf kutuu dhaabaatee illee of jajuu anaaf <sup>1</sup> ta'a; amma immoo waa'ee isa goof-taan yeroo addaatti anatti argisi-ee, waa'ee isa inni anatti mul'isees an dubbadha\*. <sup>2</sup> Namni kristiyaani okko wagga kudha afur dura bantii 'aaqaa keessaa gara tarree isa sadaf-iatti akka ol butame nan beeka; na-

mummaa isa fooniitiin ol butame, yookiis namummaa isa hafuuraatiin ol butamee isaa Waaqayyotu beeka malee, ani hin beeku\*. <sup>3</sup> Namni kun gara jannata waqa irraatti butamuu isaa ani beeka; namummaa isa fooniitiin ol butamee, yookiis namummaa foonii malee ol butamee isaa Waaqayyotu beeka malee, ani hin beeku. <sup>4</sup> Inni dubbii dubbatamuun hin dandeeny, dubbii namatti himuunis hin taane dhaga'e\*. <sup>5</sup> Egaa ani waa'ee isatiif of nan jaja; ofii kootii garuu dadhabaa ta'u kootiin malee, waanan ittiin of jaju hin qabu\*. <sup>6</sup> Dubbii dhugaa waanan dubbadhuuf, of jajuu utuun barbaadee iyyuu gowwaa hin ta'un ture; ani garuu namni tokko illee waan ana irratti argeef waan ana irraa dhaga'e caalaatti akka ana hin ilaalleef, of jajuu nan dhiisa\*.

\*1 HoE 26:16; Gal 2:2

\*2 HoE 22:17

\*3 Luq 23:43

\*5 11:30

\*6 10:8; 11:16

7 Mul'ata hammas hin jedhamne sanaaf akkan ol of hin qabnetti, wanti dhagna koo keessa taa'ee na waraan ergaan Seexanaa anaaf kennamee, na rukuta; na rukutuu isatiinis ol of qabuu irraa na dhowwa. <sup>8</sup> Kanas akka ana irraa fuudhuuf si'a sadii gooftaa kadhadheera\*. <sup>9</sup> Inni garuu, "Ayyaanni koo si ga'a, humni koo dadhabaa keessaan akeeka isaa in raawwata" naan jedhe. Humni Kristos ana bira akka buufatuuf, dadhabaa ta'u kootiin hundumaa irra caalchisee gammachuu-dhaan of nan jaja\*. <sup>10</sup> Egaa Kristosiif jedhee dadhabii, salphinatti, rakkinatti, ari'atamuutti, gidiraattis anatti in tola; yeroon dadhabutti nan jabaadha\*.

\*8 Mat 26:44

\*9 Filp 4:13; Isa 40:29

\*10 6:10; Filp 4:12-13

### Warra Qorontosiif Yaaduu Isaa

11 Isin itti na oofnaan of jajuu kootiin gowwaan ta'e; anaaf dubba-chuun isiniif in ta'a ture. Ani waanuma tokko yoon ta'u dhaabaadhe iyyuu, karaa tokko illee ergamoota warra hundumaa irra caalan sanaa gadatti akka ol butamee, yookiis namummaa foonii malee ol butamee isaa Waaqayyotu beeka malee, ani hin beeku\*. <sup>12</sup> Ergamaa gooftaa ta'u koo mul'isuudhaaf milikkinni, dinqii,

hojiin aangoos obsa guddaadhaan isin giddutti godhameera\*. <sup>13</sup> Wanta waldoonni kristiyaanaa warri kaan qaban keessaa kan isinitti hir'ate jiraatree? Wanti isinitti hir'ate yoo jiraate immoo ani ba'aa utuu isinitti hin ta'in hafuu koo ti; balleessaa isa kanaaf immoo hadaraa anaaf dhiisaa\*.

\*11 11:1,5,16

\*12 6:4-6; Rom 15:19; Ibr 2:4

\*13 11:7-11

14 Si'a sadaffaa gara keessan dhufee isin dubbisuudhaaf qophaa'eera; garuu ba'aa isinitti hin ta'u. Anoo isinan barbaada malee, waa isin irraa hin barbaadu, warratu ijoollotaaf walitti qaba malee, ijoolleetu warra isaaniiif walitti qaba miti\*. <sup>15</sup> Ani isiniif jedhee waanan qabu hundumaa, ofii koo illee taanaan isiniif dabarsee kennuudhaaf nan gammada; egaa ani baay'isee waanan isin jaalladheef, isin immoo xinneessitanii na jaallattuu ree\*? <sup>16</sup> Egaa akkan ba'aa isin irratti hin ta'in beekamaa dha, garuu ani haxxee ta'ee, haxxummaadhaan akka waanan harka koo keessa isin galfdheetti hin yaadu. <sup>17</sup> Namoota warra ani isinitti erge keessaa karaa isaa gowwoomsee kanan waa isin irraa nyaadhe isa kam ree? <sup>18</sup> Tiitoos gara keessan akka dhufu gorsee, obboleessa sanaa wajjin ergeera; Tiitoos isin gowwoomsee waa isin irraa nyaateeraa ree? Nuyi hafuuruma tokkoon deddeebi'aa jirra mitii ree? Faanuma tokko irra adeemnas mitii ree\*?

\*14 13:1; HoE 20:33

\*15 ITas 2:8; Filp 2:17

\*18 8:6,16-18; IQor 16:10

19 Michoota ko! Hamma ammaatti nuyi waan itti qabata barbaaddachaa turre isinitti fakkaataa? Kana miti! Nuyi isin cimsuudhaaf karaa Kristos fuula Waaqayyoo duratti waan hundumaa in dubbanna\*. <sup>20</sup> Yommuin dhufu akka ani itti isin arguu barbaadutti isin hin argu ta'a; isinis akka itti na arguu barbaaddanitti ana bin argitan ta'a. Qoccolloon, hinaaffaan, dheekkamsi, ofittummaan, maqaa namaa ballees-suun, dhoksanii nama hamachuun, of bokoksuun, gara-dhabuun isin gidduu jira ta'a jedheen sodaadha\*. <sup>21</sup> Deebi'ee gara keessan yommuun dhufu Waaqayyo waa'ee keessaniif gad na

deebisec, namoota baay'ee warra kaan dura xuraa'ummaa, halalummaa jirenya gad-dhiisii isa itti jiraachaturan irraa yaada garaa isaanii higeddaratiniiif na boossisuuf jira jedheen sodaadha\*.

\*19 3:1; 11:16-17

\*20 10:2; IQor 1:11; 4:6; Gal 5:19-21

\*21 2:1; 13:2; IQor 6:15-20

### Gara Dhumaatti Akeekkachiisee Nagaa Itti Dhaamuu Isaa

**13** <sup>1</sup> Kanaan si'a sadaffaa gar keessan dhufuu koo ti;akkum caafame, "Dubbiin tokko dhuga-baatuu lama yookiis sadii irra in dhaabata\*". <sup>2</sup> Ani yeroon lammaffaa dhufet warra kanaan dura cubbuu hoijetaan warra kaan hundumaas yoon deebi'ee dhufe akkan isaan hin qusanne qixaax xadheera;akkuman qixaaxhadhe immoo, amma utuun isaan bira hin jiraatinis isaan nan qixaaxhadha\*. <sup>3</sup> Kristos karaa koo akka dubbatu immoo, aman siisa barbaaddan hundumaa argachuu jirtu; inni isin keessatti danda'aa dhmalee, gara keessan kanatti dadhaba miti\*. <sup>4</sup> Inni dadhabbiidhaan fannifame, humna Waaqayyootiin garuu in jiraata; nuyis akkasuma isa durati dadhaboota, garuu humna Waaqayyootiin, bu'aa keessaniif isaa wajjin in jiraanna\*.

\*1 12:14; Kes 17:6; 19:15; Mat 18:11  
IXim 5:19

\*2 1:23; 12:21

\*3 Rom 15:18

\*4 Rom 6:9-10; Filp 2:7-8; Ibr 2:9

5 Amantiitti qabamtanii jirtu yoo taan isinumti of ilaala! Of qoraa! Yes Kristos isin keessa akka jiru dhuguma beektuu ree? Yoo akkas ta'u dhaabaa isin qoranna sanatti kufuu keessan\* <sup>6</sup> Nuyi garuu kanatti hin kufne; kana akka isin beektan nan abdadha. <sup>7</sup> Isiwaan hamaa akka hin hoijenneef nua Waaqayyo in kadhanna; nuyi waan kufne yoo fakkaanne iyyuu, isin immo waan qajeelaa akka hoijettaniif malee nuyi qorama sana darbuun keenya akl mul'atuuf miti. <sup>8</sup> Nuyi dhugichaaf hojenna malee, dhugicha irratti hojjechuu hin dandeenyu\*. <sup>9</sup> Yeroo nuyi dadhabataane, isin immoo jaboo taatan in gamanna; akkasitti fiixaan akka baatanii Waaqayyo in kadhanna\*. <sup>10</sup> Aboo i gooftaan ittiin diiguuf utuu hin ta'i

ittiin ijaaruudhaaf anaaf kenneen yeroon  
gara keessan dhufu akkan isinitti hin  
hammaannetti, utuun isin irraa fagoo  
jiruu kana isiniif caafuu koo ti\*.

\*5 *IQor 11:28; Rom 8:9-10; Gal 2:20*

\*8 *HoE 24:16; IQor 13:6*

\*9 *Ibr 13:21*

\*10 *2:3; 10:4,8,11*

11 Ammas obboloota ko nagaatti  
a'aa! Karaa keessan qajeelfadhaa,  
vaan nuyi isinitti dhageessifannu yaa-  
latti qabadhaa, waliif galaa, nagaatti  
iraadhaa! Waaqayyo inni jaalala fi

nagaan qabu isinii wajjin in ta'a\*.  
12 Yaada qulqullaa'aatiin wal dhunga-  
chuudhaan nagaan wal gaafadhaa! Warri  
Waaqayyoof qulqullaa'an hundinuu  
nagaan isiniif dhaamu\*. 13 Ayyaanni  
gooftaa Yesus Kristos, jaalalli Waa-  
qayyoo, tokkummaan hafuura qulqul-  
luus hunduma keessanii wajjin haa  
ta'u\*!

\*11 *Filp 2:2; 4:4; Rom 12:16,18; 15:33*

\*12 *Rom 16:16; IQor 16:20; 1Tas 5:26;  
IPhe 5:14*

\*13 *Gal 6:18; Rom 5:5*